Dambii Lakk. 208/ 2012

Dambii Bulchiinsa Investimentii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irradeebiidhaan Murteessuuf Bahe

Bulchiinsa Investimentii naannichaa bifa seera qabeessa ta'ee fi iftoomina qabuun gaggeessuun, akkasumas pirojeektootni investimentii guddina diinagdeetiif shoora ol'aanaa qaban haala itti babal'atan mijeessuun fi sirna deeggarsaa fi hordoffii ittifufiinsa qabu diriirsuun bu'a qabeessummaa pirojeektoota Investimentii mirkaneessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Naannicha keessatti kenna tajaajila investimentiin walqabatee rakkoo hojimaataa fi qaawwa seeraa mul'atu sirreessudhaan kenna tajaajila investimentii yeroon barbaadu, si'ataa, qulqullinaa fi iftoomina qabu, akkasumas ittigaafatamummaa mirkaneessuu danda'u diriirsuun waan barbaachiseef;

Aangoo fi hojii Komishinichaaf Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 213/2011 tiin kenname irratti hundaa'uudhaan aangoo fi hojii caasaalee bulchiinsa investimentii sadarkaan jiranii ifatti murteessuun carraa investimentii naannichi qabu gahumsaafi bu'a qabeessummaan ittifayyadamuu fi bulchuun, fedhii fi faayidaa uummata naannichaa mirkaneessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Qonnaan Bultoota, Horsiisee Bultootaa fi Gamisa Horsiisee Bultoota qabeenya horatanii gara hojii investimentiitti ce'uu barbaadaniif dhuunfaadhaan yookiin bifa gurmaa'een gara hojii investimentiitti ceesisuun sochii investimentii keessatti hirmaachisuun ittifufiinsaan fayyadamtoota taasisuun ce'umsa diinagdee naannicha keessatti gahee isaanii akka bahan taasisuuf sirna bifa addaatiin itti deeggaraman diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Bulchiinsa Investimentii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 138/2000 keewwata 18(1) fi Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 213/2011 keewwata 71(2) tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

   Dambiin kun "Dambii Bulchiinsa Investimentii Naannoo Oromiyaa Lakk. 208/2012" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisu yoo ta'e malee Dambii kana keessatti:

1) "Biiroo" jechuun Biiroo Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa Oromiyaa fi caasaalee isaa sadarkaan jiran jechuudha.
2) "Boordii" jechuun Boordii Investimentii Naannoo Oromiyaa akkaataa Labsii Lakk.138/2000 fi Dambii kanaan hundaa'e jechuudha.
3) "Investimentii" jechuun baasii kaappitaalaa maallaqaan yookiin gosaan yookiin lamaaninuu pirojektii hojii haaraa tokko gaggeessuuf yookiin kan jiru babal'isuuf yookiin ol guddisuuf investaraan taasifamu jechuudha.
4) "Kaappitaala" jechuun maallaqa biyya keessaa yookiin maallaqa biyya alaa, sanada daddarbaa, meeshaalee oomishaa yookiin meeshaalee tajaajilaaf oolu, gamoo, baajata hojii adeemsiftuu, mirga qabeenyaa, mirga kalaqaa yookiin qabeenya daldalaa biroo kan hammatu jechuudha.
5) "Komishinii" jechuun Komishinii Investimentii Naannoo Oromiyaa jechuudha.
6) "Koree Investimentii" jechuun koree sadarkaa Godinaa, Magaalaa fi Aanaa irratti mana hojii mootummaa dhimmi isaan ilaalu irraa seeraan hundeeffamee hojii Investimentii hooggananii fi qaama ol'aanaaf yaada murtii dhiyeessan jechuudha.
7) "Gamisa Horsiisee Bulaa" jechuun nama caalmaadhaan jireenyi isaa fi kan maatii isaa horii horsiisuu fi sadarkaa murtaa'een oomisha qonna irraa argamu irratti hundaa'e jechuudha.
8) "Horsisee Bulaa" jechuun nama naannoo gammoojjiitti lafa margaa fi bishaan barbaachaaf bakkaa bakkatti socho'uudhaan beeyiladaa horsiisu, jireenyi isaa fi kan maatii isaa irra caalaan beeyiladaa fi bu'aa beeyiladaa irratti kan hundaa'e jechuudha.
9) "Investara" jechuun nama dhuunfaa yookiin dhaabbata hojii Investimentii irratti seera investimentii eeggatee bobba'e ta'ee, lammii biyya keessaa yookiin lammii biyya alaa kan dabalatu dha.
10) "Nama" jechuun nama uumamaa yookiin qaama mirgi namummaa seeraan kennameef jechuudha.
11) "Qaamolee Bulchiinsa Investimentii" jechuun qaama bulchiinsa mootummaa naannichaa ta'ee hojiiwwan investimentii naannicha keessatti gaggeeffaman abbummaadhaan akka babal'isu, qindeessu, hoogganu, deeggaru, hordofuu fi jajjabeessuuf hundaa'e jechuudha.
12) "Qonnaan Bulaa" jechuun nama lafa baadiyyaa yookiin lafa baadiyyaa daangaa magaalaa jalatti daangeeffame keessatti mirga itti fayyadamaa qabaatee galii laficharraa argamuun ofiisaa fi maatiisaa bulchu jechuudha.

13) "Ramaddii" jechuun pirojeektota investimentii faayidaa ol'aanaa hawaasummaa fi diinagdee keessatti qaban madaaluun dorgommii caalbaasii liiziitiin ala haala lafti magaalaa hojii investimentiitiif liiziidhaan hayyamamu jechuu dha.

14) "Simannaa Pirojeektii Investimentii" jechuun pirojeektii investimentii gaggeessuuf yookiin hayyama investimentii argachuuf karoora bu'a qabeessummaa hojii investimentii qopheessuun hojii qabatamaatti jijjiiruuf dandeessissu waliin gaaffii investarri dhiyeessu simachuu jechuudha.

15) "Xiinxala Pirojeektii Investimentii" jechuun karoora bu'a qabeessummaa pirojeektii investimentii investaraan qoratamee dhiyaate ilaalchisee qabxiiwwan xiinxalaa giddugaleessa godhachuun madaaluun gahumsa isaanii mirkaneessuu jechuudha.

16) "Waliigaltee Pirojeektii Investimentii" jechuun pirojeektii investimentii naannicha keessatti gaggeeffamu ilaalchisee akkaataa misoomni pirojeektii investimentii tokko itti gaggeeffamu irratti waliigaltee invastarri Komishiinii yookiin Bulchaa Godinaa yookiin Kantiibaa Bulchiinsa Magaalaa Muummee fi Ol'aanaa waliin mallatteessu ta'ee, mirgaa fi dirqama waliigaltee kennaa fi fudhataa tumuu jechuudha.

3. Ibsa Koornayaa

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

Dambiin kun hojiilee investimentii naannicha keessatti gaggeeffaman, qaamolee mootummaa naannichaa hojii investimentii keessatti gahee qabanii fi namoota naannicha keessatti hojii inverstimantii irratti bobba'an hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

## Kutaa Lama

## Sirna Simannaa, Calallii fi Xiinxala Pirojeektii Investimentii

5. Bifa Investimentii

1) Hojiin pirojeektii investimentii naannicha keessatti gaggeeffamu bifa armaan gadiitiin ta'uu ni danda'a:
   (a) nama dhuunfaan;
   (b) waldaa daldalaa akkaataa seera rogummaa qabuun hundeeffameen;
   (c) Waldaa Hojii Gamtaa akkaataa seera rogummaa qabuun hundeeffameen;
   (d) Dhaabbata Misoomaa Mootummaa seera rogummaa qabuun hundeeffameen;
   (e) Intarpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa gara investimentiitti ce'een.
2) Hojiin Investimentii akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin raawwatamu bu'uura seera daldalaatiin yookiin seera rogummaa qabu birootiin galmeeffamuu qaba.

6. Dorgommii Pirojeektota Investimentii

1) Lafti Investimentii investaraaf kennamuu kan danda'u pirojeektota investimentii dhiyaatan waldorgomsiisuun ta'a.

2) Komishinichi ragaa lafa pirojeektii investimentii Biiroodhaan isaaf ergamu bu'uureeffachuun maloota sabqunnamtii haguuggaa bal'aa qabu fayyadamuun fi gabatee beeksisaa isaa irratti maxxansee beeksisuun pirojeektoota investimentii waldorgomsiisuu qaba. Tarreeffamni isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
3) Dorgomtootni fedhii fi dandeettii barbaachisu qaban beeksisa bahe bu'uura godhachuun karoora hojii pirojeektii investimentii isaanii guyyaa beeksiifni bahee irraa eegalee guyyaa hojii kudha shan keessatti Komishiniitti dhiyeeffachuun galmaa'uu qabu.

7. Pirojeektoota Investimentii Dorgommii Malee Keessummeeffaman

1) Dambii kana keewwata 6 (1) jalatti kan tumame jiraatus, gosti investimentii armaan gadii dorgommii malee keessummaa'uu ni danda'a:
   (a) walitti dhufeenya biyyootaa gama siyaas-diinagdeen cimsuuf hojii diippiloomaasii sadarkaa biyyaaleessatti yookiin naannootti godhamuun abbootii qabeenyaa biyya alaa Naannichatti hojii investimentii irratti bobba'uuf fedhii qabanii fi gaaffii dhiyeeffatani pirojeektiin isaani faayidaa ol'aanaa argamsiisuun isaa yoo mirkanaa'e;
   (b) pirojeektii investimentii abbaan qabeenyummaa isaanii Kubbaaniyoota addunyaa irratti beekkamoo ta'anii fi Naannichatti hojjachuuf gaaffii dhiyeessan;
   (c) pirojeektii investimentii diyaaspooraan dhiyaate;
   (d) pirojeektii investimentii guutuumaan guutuutti dhaabbilee Misoomaa Motummaa naannichaatiin gaggeeffaman yookiin investimentii Dhaabbileen misooma mootummaa naannichaa %51 oli abbaa qabeenyummaa keessaa qaban;
   (e) pirojeektii investimentii Waldaa Hojii Gamtaa, Yuniyeenii, Federeeshinii, Intarpiraayizii Maayikiroo fi xixiqqaa ce'an, Qonnaan Bultoota, Horsiise Bultootaa fi Gamisa Horsiisee Bultootaan dhiyaatu;
   (f) pirojektii investimentii hojii keessa jiru ta'ee oomisha yookiin hojii dabalataa hojjachuuf lafti dura kennameef gahaa ta'uu dhabuu isaatiin gaaffii lafa babal'ifannaa gaafatamu;
   (g) namni lafa qabiyyee dhuunfaa isaa irratti hojii investimentii gaggeessuuf yemmuu gaafatu;
   (h) pirojeektii investimentii kanneen biroo amala isaaniitiin dorgomsiisuuf rakkisaa ta'e yookiin hawaasa naannoo fi biyyaatiif bu'aa qabaachuun isaa Boordiin yoo itti amane.
2) Tarreeffamni raawwii keewwata kana keewwata 1 (a-h) jalatti tumamanii Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

8. Simannaa Pirojeektii Investimentii

1) Namni pirojeektii investimentii naannicha keessatti gaggeessuu barbaadu ulaagaalee barbaachisu guutuun gaaffii pirojeektii investimentii Komishiinicha yookiin caasaa isaa gaafficha simachuuf aangoo qabuuf dhiyeessuu ni danda'a.

2) Komishiniin gaaffii pirojeektii investimentii investaraan dhiyaatu kan simatu lafa Biiroon tajaajila investimentiif akka oolu qopheessee ragaa isaaf erge irratti hundaa'ee ta'a.
3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Komishiinichi pirojeektii investimentii biyyaa fi naannichaaf bu'aa ol'aanaa qabaacguun Pirezidaantii naannichaatiin itti amaname, pirojeektii investimentii dorgommiin ala simataman yookiin pirojeektii investimentii naannawa investimentii 4ffaaa keessatti gaggeeffaman lafti dursee osoo hin qophaa'in simachuun lafti akka qophaa'uuf Biiroof fedhii lafaa dhiyeessuu ni danda'a.
4) Simannaan pirojeektii investimentii kan gaggeeffamu sadarkaa Komishiniitti, Waajjira Investimentii Godinaa fi Waajjira Investimentii Magaalaa Muummee fi Ol'aanaatti ta'a.
5) Gaaffiin pirojeektii Investimentii Magaalaa Giddugaleessaa fi Guddattuu keessatti gaggeeffamuu kan simatamu sadarkaa Komishinii yookiin Waajjiira Investimentii Godinaatti ta'a.
6) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 fi 4 jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, gaaffiin investimentii Qonnaan Bultoota, Horsiisee Bultoota yookiin Gamisa Horsiisee Bultoota qabeenya horatanii gara hojii investimentiitti ce'aniin dhiyaatu kan simatamu karaa Deeskii Investimentii Aanaa yookiin Waajjira Investimentii Magaalaatiin ta'a.
7) Simannaan gaaffii pirojeektii investimentii Waldaalee Hojii Gamtaa fi Intarpiraayizii Maayikiroo fi xixiqqaa ce'aniin gaggeeffamuu kan raawwatamu sadarkaa Godinaa yookiin Magaalaa Muummee fi Ol'aanaatti ta'a.

9. Ulaagaalee Gaaffii Pirojeektii Investimentii Dhiyeessuuf Guutamuu Qaban

Namni misooma investimentii gaggeessuuf gaaffii pirojeektii investimentii dhiyeessu ulaagaalee armaan gadii guutuu qaba:

1) karoora bu'a qabeessummaa pirojeektii investimentii qoratamee yookiin hojjatamee dhiyaate;
2) kaappitaalli ka'umsa pirojeektichaa qarshii 5,000,000.00(miliyoona shanii) fi isaa ol ta'uu;
3) ragaa sochii maallaqa baankii yoo xiqqaate kan ji'a 6 (jahaa) agarsisuu fi kaappitaala hojiif barbaachisu keessaa yeroo gaafficha dhiyeessutti akkaataa gosa pirojeektiitiin %30 (dhibbeentaa soddoma) qusachuu yookiin bittaan maashinootaa fi meeshaalee hojii karoorfateen walqunnamtii qabu raawwatamee yoo jiraate ragaa yookiin nagahee dandeettii % 30 (dhibbeentaa soddoma) madaalu agarsisuu dhiyeessuu;

4) keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame jiraatullee, pirojeektii paarkii Industirii bu'aa qonnaa yoo ta'e % 15 (dhibbeentaa kudha shan) qusachuu isaa agarsiisu yookiin bittaan maashinootaa fi meeshaalee hojii karoorfateen walqunnamtii qabu raawwatamee yoo jiraate ragaa yookiin nagahee dandeettii % 15 (dhibbeentaa) kudha shan madaalu agarsisu dhiyeessuu;
5) keewwata kana keewwata xiqqaa 2 - 4 jalatti kan tumame jiraatus, namni kalaqa addaa qabaatee yaada isaa gara hojii investimentiitti jiijjiiruuf pirojeektii investimentii dhiyeeffate kaappitaala ka'umsaa fi sochii maallaqa baankii akka dhiyeeffatu hin dirqamu;
6) pirojeektichi waldaadhaan kan gaggeeffamu yoo ta'e Dambii ittiin bulmaataa fi barreeffama hundeeffamaa qaamaa aangoo qabuun galmaa'ee mirkanaa'e dhiyeessuu;
7) pirojeektichi kan gaggeeffamu Investara biyya alaa yookiin Investara biyya keessaa fi alaa waliin qindaa'ani yoo ta'e Komishinii Investimentii Itiyoophiyaa irraa hayyama investimentii kennamee fi koppii galmee isaa achitti baname;
8) Investara dhuunfaa yoo ta'e kooppii waraqaa eenyummeessaa yookiin paaspoortii haaromfame suura waliin;
9) Waldaa yoo ta'e waraqaa eenyummaa yookiin paaspoortii hojii gaggeessaa haaromfame suura waliin; fi
10) Uunka gaaffii pirojeektii investimentiif qophaa'e irratti ragaa qabatamaa fi dhugaa ta'e guutuudhaan mallattoo isaatiin kan mirkanaa'e dhiyeeffachuu qaba.

10. Calallii Duraa Pirojeektii Investimentii

Calalliin duraa pirojeektii investimentii sadarkaa pirojeektichi itti simatametti kan raawwatamu ta'ee, bu'aan isaa investara gaaffii pirojeektii dhiyeesseef guyyaa hojii walitti aanu lama keessatti beeksifamuu qaba. Ulaagaalee calallii fi haalli raawwii isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

11. Xiinxala Pirojeektii Investimentii

1) Pirojeektiin Investimentii simatame kamiyyuu xiinxalaaf kan dhiyaatu ulaagaalee calallii duraa pirojeektootaa yoo guute qofaadha.
2) Pirojeektiin Investimentii calallii duraa darbe ulaagaalee xiinxalaa armaan gadiitiin kan madaalamu ta'a:
   (a) bu'a qabeessummaan sochii faayinaansii isaa kan mirkanaa'e ta'uu;
   (b) teknoolojii ammayyaatti fayyadamuu isaa;
   (c) pirojeektichi sharafa biyya alaa kan argamsiisu yookiin kan qusatu ta'uu;
   (d) kaappitaalli hojichaaf karoorfame gahaa ta'uu fi irra caalaa madda maallaqaa mataa ofii kan qabu ta'uu isaa;
   (e) hawaasa naannootiif carraa hojii kan babal'isuu fi ittifufiinsa kan qabu ta'uu isaa;

(f) pirojeektiin dhiyaate naannoo fi fayyaa namaa irratti dhiibbaa cimaa kan hin geessifne ta'uun yoo mirkanaa'e;
(g) pirojeektichi walitti hidhamiinsa gabaa fi hojii hawaasa naannoo waliin qabaachuu isaa;
(h) pirojeektoota investimentii kanneen biroo waliin walitti hidhamiinsa duraa fi dubaa kan qabu ta'uu isaa;
(i) pirojeektichi aadaa hawaasa naannoo sanaa kan hin faalleessine ta'uu isaa;
(j) facaatii pirojeektoota investimentii naannichaa keessatti akka wal-gitu gahee qabaachuu isaa;
(k) pirojeektichi mootummaadhaan dursii fi xiyyeeffannoo kan kennameef ta'uu isaa; fi
(l) Pirojeektichi dirqama hawaasummaa isaa bahuu kan danda'u ta'uu.

3) Ulaagaan xiinxalaa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (d) jalatti tumame nama kalaqa addaa qabaatee pirojeektii investimentii dhiyeeffatuuf raawwatiinsa qabaachuu dhabuu ni danda'a.
4) Ulaagaaleen xiinxala pirojeektii investimentii keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti tumaman akkuma eeggamanitti ta'ee, pirojeektiin investimentii dorgommiidhaaniis ta'e dorgommiin ala lafti investimentii murtaa'ufii kan danda'u qabxii madaallii xiinxala waliigalaa Qajeelfama bahuun murtaa'u keessaa % 50 (dhibbeentaa shantama) fi isaa ol yoo argateedha.

12. Adeemsa Xiinxala Pirojeektii Investimentii

1) Xiinxalli pirojeektii investimentii kan gaggeeffamu sadarkaa Komishiniitti ta'ee, garee xiinxala pirojeektotaa ogeessota ogummaa adda addaa barbaachisaa qaban irraa gurmaa'aniin kan raawwatamu ta'a.
2) Gareen xiinxala pirojeektootaa madaallii pirojeektii investimentii kan gaggeessu hojimaata dhimma kanaaf qophaa'e bu'uureffachuun qofa ta'a.
3) Pirojeektiin Investimentii calalamee dhiyaate guyyoota hojii 5(shan) keessatti xiinxalli isaa xumuramuu qaba.
4) Garee xiinxallii pirojeektootaa karoora pirojeektii dorgommiif dhiyaate xiinxaluun kanneen faayidaa ol'aanaa argamsiisuu danda'an adda baasuun sadarkeessuu qaba.
5) Bu'aan dorgommii pirojeektootaa Garee xiinxallii pirojeektootaatiin xiinxalamee dhiyaate manaajimantii Komishinichaatiin ilaalamanii kanneen bu'a qabeessummaan isaanii mirkanaa'e sadarkaa 1ffaa hanga 3ffaa kan argatan murtii Boordiif dhiyaachuu qaba.

## Kutaa Sadii

## Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaa Gara Hojii Investimentiitti Ce'an

13. Qajeeltoo Bu'uuraa

1) Qonnaan Bulaan, Horsiisee Bulaan yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan qabiyyee lafa isaa yookiin lafa mootummaan pirojeektii investimeentiif qopheessu irratti dhuunfaadhaan yookiin waldaadhaan gurmaa'ee hojii investimentii gaggeessuuf gaaffii pirojeektii investimentii dhiyeeffachuu ni danda'a.
2) Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan qabeenya qabu carraa investimentii adda baafatee pirojeektoota gurmaa'insa pirojeektii investimentii naannicha keessatti qoratamee adda bahe irratti gaaffii hojii investmantii dhiyeeffachuu ni danda'a.
3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Qonnaan Bulaan, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan lafa qabiyyee dhuunfaa isaa irratti pirojeektii investimentii hojjachuuf barbaadu gurmaa'insa Investimentii Dambii Gurmaa'insa Pirojeektoota Investimentii Naannoo Oromiyaa Lakk. 206/2011 tiin tumame eeguuf hin dirqamu.
4) Investarri yookiin Qonnaan Bulaan yookiin Horsiisee Bulaan yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan qabeenya horatee fi Qonnaan Bulaan yookiiin Horsiisee Bulaan yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan qabiyyee lafaa tajaajila investimentiif ooluu qabu waliin waldaan gurmaa'anii gaaffii hayyama investimentii dhiyeeffachuu ni danda'u.
5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalattii kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, Qonnaan Bulaan yookiin Horsiisee Bulaan yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan qabeenya horatee ijoollee isaa waliin yookiin maatiin Qonnaan Bulaa yookiin Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaa mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa seeraan argatan waldaan gurmaa'anii gaaffii hayyama investmantii dhiyeeffachuu ni danda'u.
6) Qonnaan Bulaan, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan qabiyyeen lafa isaa hojii investimentii qonnaatiif yoo barbaadame laficha irratti misoomsuuf dandeettii yoo qabaate akkaataa pilaanii itti fayyadama lafaatiin dhuunfaan yookiin waldaan gurmaa'ee mirga dursa misoomsuu ni qabaata.
7) Qonnaan Bulaan, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaa sababa misoomaatiif lafa isaanii irraa kaafaman dhuunfaan yookiin gurmaa'uun hojii investimentii keessa akka galan qaama ilaaluun calalamanii dhiyaataniif deeggarsi addaa ni taasifama.
8) Pirojeektiin Investimentii Qonnaan Bulaan, Horsiisee Bulaan yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan qabiyyee lafa isaa magaalaa keessa jiru irratti dhiyeeffatu pilaanii magaalaatiin walsimuu qaba.

14. Haala Pirojektii Investimentii Keessaa Sheeriin Itti Qabaatamu

Seerota birootiin kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, Qonnaan Bulaan, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan:

1) qabiyyee lafaa isaa irraa sababa pirojektii investimentiif kan kaafamu yoo ta'e pirojekticha keessaa sheerii qabaachuu ni danda'a; Raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
2) Sheerii qabaachuuf fedhii qabaatee investarichi kana gochuudhaaf haalli dandeessisu yoo jiraachuu baate, investarichi furmaata diinagdee biroo kaafamtoota pirojekticha irraa fayyadamaa taasisu uumuu qaba.

15. Hojii Investimentiitti Ce'uuf Ulaagaalee Guutamuu Qaban

1) Qonnaan Bulaan, Horsiisee Bulaan yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan gara investimentiitti ce'uuf barbaadu ulaagaalee armaan gadi guutee dhiyeessuu qaba:
   (a) iyyannoo gaaffii pirojeektii investimentii;
   (b) Ganda baadiyyaa keessa waggaa 10 fi isaa ol jiraachuu isaa kan ibsu waraqaa deeggarsaa bulchiinsa ganda yeroo gaaffii investimentii dhiyeeffatu keessa jiraatu irraa dhiyeessuu;
   (c) waraqaa ragaa mirkaneessa abbaa qabiyyummaa lafaa qaama aangoo qabuun kennameef;
   (d) waraqaa eenyummeessaa haaromfame jiraataa ganda baadiyyaa yookiin bulchiinsa ganda magaalaa ta'uu isaa ibsu;
   (e) Qonnaan Bulaa waraqaa ragaa qabiyyee lafaa osoo hin qabaatiin sababa babal'ina magaalaatiin daangaa bulchiinsa magaalaa jala gale yoo ta'ee, nagahee gibiraa itti fayyadama qabiyyee lafaa waggaa shaniif ittiin kaffale;
   (f) Horsisee Bulaan qabeenya horatee investimentiitti ce'uuf gaaffii dhiyeeffatu, hojii misooma beeyiladaa irratti bobba'uu isaa waraqaa deeggarsa qaama dhimmi ilaallatuun kenname;
   (g) hojii oomisha Qonnaa yookiin Horsiisa looniin milkaa'uu fi qabeenya horachuu isaaf qaama aangoo qabu irraa waraqaa ragaa beekamtiin ittiin kenname yookiin xalayaan deeggarsaa barreeffame;
   (h) dhuunfaadhaan hojii investimentiitti ce'uuf gaaffii dhiyeessuuf kaappitaala qarshii 1,500,000.00 (miliyoona tokkoo fi kuma dhibba shan) fi isaa ol kan horate ta'uu ragaa agarsiisu;
   (i) pirojeektii investmantii dhaabbataan yookiin waldaan dhiyaatuuf ka'umsii kaappitaala 3,000,000.00 (miliyoona sadi) fi isaa ol qabaachuu ragaa agarsiisu;

(j) yeroo gaaffichi dhiyaatetti kaappitaala waliigalaa hojichaaf galmeessise keessaa %20(dhibbeentaa diigdama) qabaachuu isaa kan agarsiisu ragaa baankii irra kenname;

(k) waldaan gurmaa'anii gaaffii investimentii kan dhiyeeffatan yoo ta'e dambii ittiin bulmaataa fi barreeffama hundeeffamaa qaama aangoo qabuun mirkanaa'e;

(l) karoora bu'aa qabeessummaa hojii pirojeektichaa.

2) Ulaagaan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (b) jalatti tumame nama maatii Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaa ta'ee mirga itti fayyadama lafaa seeraan argate irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

16. Haala Simannaa Pirojeektii Investimentii

1) Gaaffiin pirojeektii investimentii Qonnaan Bulaan, Horsiisee Bulaan yookiin Gamisa Horsiisee Bulaadhan dhiyaatu Deeskii Investimentii Aanaa yookiin Waajjira Investimentii Magaalaatiin kan simatamu ta'a.

2) Deeskiin Investimentii Aanaa yookiin Waajjirri Investimentii Magaalaa pirojeektiin Investimentii akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin simatee ulaagaalee barbaachisan kan hin guutne yoo ta'e hanqinoota jiran sirreeffamanii akka dhiyaatan gorsaa fi deeggarsa ni kenna; kanneen ulaagaa guutan calalee ragaa barbaachisaa waliin Koreen Investimentii Aanaa yookiin Magaalaatiif ni dhiyeessa.

3) Koreen Investimentii Aanaa yookiin Magaalaa itti waamamni isaanii Godinaaf ta'ee gaaffii investimentii Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaatiin karaa Deeskii Investimentii Aanaa yookiin Waajjira Investimentii Magaalaatiin wal duraa dubaan dhiyaatuuf sakkatta'ee pirojeektoota ragaa guutuu qaban calalee yaada murtii waliin Koree Investimentii Godinaaf akka darbu ni taasisa.

4) Koreen Investimentii Godinaa gaaffii investimentii bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 3 tiin dhiyaateef sakkatta'ee yaada murtii waliin Komishiniif akka ergamu ni taasisa.

5) Gaaffiin Investimentii Qonnaan Bulaan, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaatiin Magaalaa Muummee fi Ol'aanaa keessatti dhiyaatu karaa Waajjira Investimentii Magaalaatiin simatamee Koree Investimentii Magaalichaaf dhiyaatee yaadni murtii erga irratti kennameen booda Komishiniif dhiyaachuu qaba.

6) Komishiniin gaaffii investimentii bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 4 fi 5 tiin dhiyaateef xiinxaluun kanneen bu'a qabeessa ta'an ragaa barbaachisaa waliin Boordiif dhiyeessee ni murteessisa.

7) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 6 tiin Boordiin murtii erga kenne booda, Komishiniin waliigalteen investimentii isaanii sadarkaa Godinaatti yookiin Bulchiinsa Magaalaa Muummee fi Ol'aanaatti akka mallatteeffamu ni taasisa.

17. Deeggarsa Addaa

Deeggarsi Qonnaan Bulaa, Horsisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaa gara investimentiitti ce'aniif tumaalee dambii kanaatiin yookiin seerota birootiin taasifamuuf akkuma eeggametti ta'ee, deeggarsii armaan gadii kan taasifamuuf ta'a:

1) Deeskiin Investimentii Aanaa yookiin Waajjirri Investimentii Magaalaa qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun gaaffii investimentii dhiyeessuu isaanitiin dura carraa investimentii, ulaagaalee guutamuu qabanii fi adeemsa gaaffiin pirojeektii investimentii itti dhiyaatu irratti hubannoo kennuufii qabu.
2) hubannoo kenname irratti hundaa'uun gosa pirojeektii filate irratti ogeessota Aanaa yookiin Magaalaa yookiin manneen hojii dhimmi ilaalu irraa waliitti dhufaniin karoorri bu'a qabeessummaa pirojeektii investimentii akka qophaa'uuf ni taasifama.
3) keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, Qonnaan Bulaan, Horsiisee Bulaan yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan karoora bu'a qabeessummaa pirojeektii investimentii ogeessa dhuunfaa yookiin dhaabbata dhuunfaan hojjachiifatee gaaffii investimentii dhiyeeffachuu ni danda'a.
4) gaaffii lafa investimentii magaalaa keessatti dhiyaatuuf, lafti gosa pirojeektii investimentii hundaaf ramaddiidhaan kan kennamuuf ta'a.
5) deeggarsi meeshaalee adda addaa hojii investimentiif barbaachisu qaama dhimmi ilaalu irraa taasifamuufii ni danda'a.
6) Komishiniin jajjabeessituu gibira irraa bilisa ta'uu fi meeshaalee adda addaa pirojeektiichaaf isa barbaachisuu fi seeraan hayyamame ashuuraan alaa biyya alaa irraa akka galfatu deeggarsa ni taasiisaaf.
7) baadiyyaa keessatti pirojektii investimentii kan gaggeessu yoo ta'e waggaa 2f (lamaaf) kaffaltii kiraa lafaa irraa bilisa ta'a.
8) maallaqa hojii investimentiif oolu dhaabbilee faayinaansii irraa liqaa akka argatu haalli ni mijjaa'af.
9) dhiyeessiin bu'uuraalee misoomaa kanneen akka bishaanii fi ibsaa hojii investimentiif barbaachisu dursii kennamee akka guutamuuf ni taasifama.
10) Komishinichi walitti hidhamiinsa gabaa biyya keessaa fi biyya alaa akka argataniif qaama dhimmi ilaalu waliin haala ni mijeessa.
11) qaamni dhimmi ilaalu gabaa biyya keessaa fi biyya alaa qoratee odeeffannoo gabaa wayitaawaa kennuufii qaba.
12) balaa uumamaa yookiin nam-tolcheen qabeenyi hojii investimentiif oole yoo jalaa manca'e akka bakka bu'uu danda'uuf dursanii inshuraansii akka galan gorsii ni kennamaaf.

13) deeggarsi leenjii fi ogummaa manneen hojii mootummaa gosa pirojeektichaan walitti dhufeenya qabaniin akka kennamuuf ni taasifama.

## Kutaa Afur

## Waliigaltee fi Hayyama Investimentii

18. Waliigaltee Pirojeektii Investimentii

1) Investarri pirojeektiin investimentii Boordiidhaan murtaa'eef kamiiyyuu rakkoon humnaa olii yoo qunnameen alatti guyyaa xalayaan murtii isa gahe irraa eegalee guyyoota walitti aanan 45 (afurtamii shan) keessatti waliigaltee pirojeektii investimentii mallatteessuu qaba.

2) Qabiyyeen waliigaltee pirojeektii investimentii yoo xiqqaate dhimmoota armaan gadii hammachu qaba:

(a) maqaa fi teessoo gareewwan waliigaltichaa;

(b) gosa pirojeektichaa;

(c) hamma kaappitaala pirojeektichaa;

(d) iddoo pirojeektichi itti gaggeeffamuu;

(e) bara turtii waliigaltichaa;

(f) mirgaa fi dirqama waliigaltee fudhataa fi waliigaltee kennaa;

(g) dirqama hawaasummaa investarichi bahuuf irratti waliigalame yoo jiraate;

(h) daangaa yeroo waliigaltee fudhataan hojii qabatamaa itti eegalu;

(i) carraa hojii pirojeektichi uummata naannichaaf uumu;

(j) waadaa bu'aa qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo eeguu irratti waliigaltee fudhataan gale;

(k) akkaataa wal dhabdeen itti hiikamuu;

(l) akkaataa waliigaltichi ittiin addaan citu; fi

(m) haala waliigalaa misooma pirojeektichaa kan biroo ibsuu qaba.

3) Waliigalteen pirojeektii investimentii sadarkaa Komishiniitti, sadarkaa Godinaa yookiin sadarkaa Magaalaa Muummee fi Ol'aanaatti kan mallattaa'u ta'a.

4) Waliigalteen pirojeektoota investimentii bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 3 tiin raawwatamu kan mallattaa'u:

(a) sadarkaa Komishiniitti yoo ta'e, Komishiinaraan yookiin qaama inni bakka buuseen;

(b) sadarkaa Godinaatti yoo ta'e, Bulchaa Godinaatiin yookiin qaama inni bakka buuseen;

(c) sadarkaa Magaalaa Muummee fi Ol'aanaatti kan raawwatamu yoo ta'e, Kantiibaa Magaalichaatiin yookiin qaama inni bakka buuseen ta'a.

19. Waliigaltee Pirojeektii Investimentii Sadarkaa Komishiniitti Mallattaa'u

Waliigalteen pirojeektii investimentii armaan gadii sadarkaa Komishiniitti mallattaa'a:

1) pirojeektii investimentii investara biyya alaatiif murtaa'e;
2) pirojeektii investimentii investarri biyya keessaa fi invastarri biyya alaa waliin qindaa'ani hojjataniif kenname;
3) pirojeektii investimentii diyaaspooraadhaan gaggeeffamu;
4) pirojeektii investimentii dhaabbata misooma mootummaa gara dhuunfaatti jijjiramee;
5) pirojeektii investimentii kanaan dura waliigaltee liizii yookiin kiraan waliigaltee investimentii osoo hin qabaanne lafa misooma investimentiif qaama aangoo qabuun murtaa'efii qabatanii hojjachaa jiranii fi hanga ammaatti sababa adda addaatiin waliigaltee investimentii hin mallatteessine;
6) pirojeektii investimentii investara biyya keessaatiin dhiyaatanii sadarkaa Komishiniitti simatamanii Boordiidhaan murtii argatan.

20. Waliigaltee Pirojeektii Investimentii Sadarkaa Godinaatti yookiin Magaalaa Muummee fi Ol'aanaatti Mallattaa'u

Waliigalteen pirojeektii investimentii armaan gadii sadarkaa Godinaatti yookiin sadarkaa Magaalaa Muummee yookiin Ol'aanaatti kan mallattaa'u ta'a:

1) pirojeektii investimentii Waldaalee Hojii Gamtaa, Yuniyeenii yookiin Federeeshiniif kenname;
2) Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan lafa qabiyyee dhuunfaa isaa yookiin lafa mootummaan qophaa'u irratti hojii investimentii akka hojjatu hayyamameef;
3) Intarpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa gara investimentiitti ce'e.

21. Lafa Investimentii Dabarsuu

1) Qaamni waliigaltee pirojeektii investimentii mallatteessuuf aangoo qabu pirojeektii investimentii bu'a qabeessummaan isaa itti amanamee Boordiin murtii argate investara waliin waliigaltee erga mallatteesse booda lafti pirojeektichaaf murtaa'e akka dabarfamee kennamuuf murtii lafaa kenname, waliigaltee investimentii mallattaa'ee fi ragaalee barbaachisoo biroo waliin wal qabsiisuun guyyoota hojii 5 (shan) keessatti Biiroof dabarsuu qaba.
2) Biiroon akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsameen guyyaa ragaan dhaqqabe irraa eegalee yeroo ji'a 1(tokko) hin caalle keessatti Investaricha waliin waliigaltee liizii yookiin kiraa lafaa mallatteessuun waraqaa qabiyyee lafaa kennuu fi laficha dabarsuu qaba.
3) Investarri bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin lafti isaaf darbee akkaataa waliigaltee seeneen hojii keessa galuu qaba.

22. Waliigaltee Pirojeektii Investimentii Jijjiirame Mallatteessuu

Jijjiirraan gosaa yookiin abbummaa pirojeektii investimentii akkaataa seera rogummaa qabuun yoo raawwatame waliigalteen investimentii jijjiiramee mallattaa'uu qaba. Tarreeffamni isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

23. Haaromsa Waliigaltee Pirojeektii Investimentii

1) Investarri barri waliigaltee projeektii investimentii isaa xumurame waliigalteen isaa akka haaromfamu qaama waliigalticha mallatteesseef iyyachu ni danda'a.
2) Gaaffiin haaromsa waliigaltee pirojeektii investimentii investaraan dhiyaatu fudhatama argachuu kan danda'u:
   (a) pirojeektii investimentii akkaataa waliigalteetiin, karoora bu'a qabeessummaa hojii dhiyeessenii fi bu'uura karoora itti fayyadama lafaatiin humna guutuun hojjachuu isaa ragaa ibsu yoo dhiyeesse;
   (b) akkaataa karoora bu'a qabeessummaa hojii pirojeektichaatiin carraa hojii kan uumaa turee fi oomisha yookiin tajaajila isaa gabaaf dhiyeessaa kan ture ta'uun isaa ragaa ibsu yoo dhiyeesse;
   (c) pirojeektiin investimentii fuulduratti hojjachuuf karoorfate kan duraan hayyamameef irra caalaa bu'aa kan qabu yoo ta'e;
   (d) Odiitii sochii herreegaa waggoottan darbee yoo xiqqaate kan waggaa 3'n (sadan) yeroo dhiyoo kan dhiyeesse yoo ta'e;
   (e) kaffaltii kiraa yookiin liizii ilaalchisee gatii yeroo pirojeektichi haaromfamu jiruun kan kaffalu yoo ta'ee; fi
   (f) bu'uura qorannoo faalama naannoo qorachiisee tureen kan hojjate yoo ta'edha.

24. Haala Waliigalteen Pirojeektii Investimentii Itti Diigamu yookiin Adda Citu

Waliigalteen pirojeektii investimentii haalota armaan gadiitiin diigamuu yookiin adda citu ni danda'a:

1) Investarichi akkaataa waliigaltee pirojeektii investimentii raawwateen yeroo ji'a jahaa keessatti hojii keessa yoo galuu baatee fi dhimma kana irratti of-eeggannoon barreeffamaa caasaa Bulchiinsa investimentiitiin kennamuun isaa yoo mirkanaa'e;
2) keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (a) jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaan yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan waliigaltee investimentii mallatteessee haala waliigalteetiin hojii keessa osoo hin galiin waggaa tokkoo ol yoo turee fi of-eeggannoon barreeffamaa caasaa Bulchiinsa Investimentiitiin kennamuun isaa yoo mirkanaa'e;
3) waliigalteen liizii bu'uura Labsii Liizii Lakk. 721/2004 keewwata 25 (1)(a-c) tiin kan diigame yoo ta'e;

4) lafa investimentii yookiin pirojeektii investimentii qaama sadaffaatti kireessuun isaa yoo mirkanaa'e;
5) gosa pirojeektii investimentii lafichi kennameef irratti hayyama Komishiniitiin ala gosa pirojeektii biraa dabalee yookiin jijjiiree osoo hojjatu yoo argame;
6) Invastarichi hojii isaa akkaataa waliigalteetiin itti fufuu kan hin dandeenye yookiin kan hin barbaadne ta'uu isaa xalayaadhaan yoo ibse;
7) ragaan investarichi dhiyeessee pirojeektichi fudhatama akka argatu ittiin taasise ragaa sobaa ta'uun isaa yoo mirkanaa'e yookiin ragicha seeraan ala jijjiiree yoo argame;
8) Investarichi seerota biyyattiis ta'ee naannichaa rogummaa qaban kan biroo kan hin kabajnee fi akeekkachiisa qaama aangoo qabuun isaaf kennamu fudhachuu yoo dide yookiin of-eeggannoon kennameefi kan hin sirreessine yoo ta'e;
9) murtii Mana Murtiitiin; yookiin
10) Yeroon turtii waliigaltee investimentii isaa yoo xumurame.

25. Sadarkaa Waliigalteen Pirojeektii Investimentii Itti Diigamu yookiin Adda Citu

1) Waliigaltee pirojeektii investimentii sadarkaa Komishiniitti mallattaa'u irratti Komishinichi qaama dhimmii ilaalu waliin ta'uun waliigalticha diiguu yookiin akka addaan citu gochuu ni danda'a.
2) Komishiniin bu'uura keewwata kan keewwata xiqqaa 1 tiin waliigaltee pirojeektii investimentii yeroo diigu yookiin addaan kutu murtii isaa sababaan deeggaruun barreeffamaan Investarichaaf ji'a tokko keessatti kennuu fi qaama dhimmi ilaallatu garagalachaan beeksisuu qaba.
3) Waliigalteen pirojeektii investimentii sadarkaa Godinaa yookiin Magaalaa Muummee fi Ol'aanaatti mallatteeffame yoo ta'e, waliigaltichi Koree Investimentii Godinaa yookiin Magaalaa Muummee fi Ol'aanaatiin kan diigamu yookiin adda citu ta'a.
4) Koree Investimentii Godinaa yookiin Magaalaa Muummee fi Ol'aanaa bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 3 tiin waliigaltee investimentii yoo diige yookiin adda kute, murtii isaa sababaan deeggaruun barreeffamaan Investarichaaf ji'a 1(tokko) keessatti kennuu fi garagalchaan Komishinii fi qaama dhimmi ilaalu beeksisuu qaba.

26. Bu'aa Diigamuu yookiin Adda Cituu Waliigaltee Pirojeektii Investimentii

1) Waliigalteen pirojeektii investimentii qaama bulchiinsa investimentii aangoo qabuun yoo diigame yookiin adda cite, Komishinichi waliigalteen liizii yookiin kiraa investarichaa akka diigamu Biiroo yookiin caasaa isaatiif barreeffamaan beeksisuu qaba.
2) Biiroon yookiin caasaan isaa bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin diigamuun yookiin adda cituun waliigaltee pirojeektii investimentii yammuu isa dhaqqabe waliigalteen liizii yookiin kiraa investarichaa akka addaan citu taasisuu qaba.

3) Waliigalteen pirojeektii investimentii fi waliigalteen liizii yookiin kiraa yoo diigame Investarichi lafa misooma investimentiif fudhate bu'uura seera rogummaa qabuun qabeenyaa laficha irraa qabu kaasuun gadilakkisuu qaba.

27. Lafa Investimentii Waliigalteen Isaa Diigame yookiin Addaan Cite Deebsiisuu

1) Pirojeektoota lafa investimentii Mana Murtii fi Baankiin qabamaniin alatti, hanqina sochii investarichaa irratti hundaa'ee waliigalteen investimentii isaa yoo diigame qaamni bulchiinsaa bakka argametti Biiroon lafichi akka gadi lakkifamee Baankii lafaatti deebi'u ni taasisa.

2) Lafti investimentii waliigalteen isaa diigamee investara biraatiif osoo hin darbiin dhorkaa yookiin uggura irraa bilisa ta'ee guyyoota 60f(jahaatamaaf) Baankii lafaa keessa turuu qaba.

3) Lafa investimentii waliigalteen diiggamee Baankii lafaa keessa jiru qaamni aangoo qabu yoo murteesse malee hojii investimentiitiif malee tajaajila biraatiif dabarfamee kennamuu hin qabu.

4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1-3 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaa gara investimentiitti ce'ee lafa isaa irratti hojii investimentii akka gaggeessuuf hayyamameef akkaataa waliigaltee seeneen raawwachuu dhabuun waliigaltichi yoo diigame lafichi Qotee Bulicha yookiin Horsiisee Bulicha yookiin Gamisa Horsiisee Bulichaaf kan deebi'u ta'a.

28. Hayyama Investimentii

1) Namni hojii investimentii irratti bobba'u ulaagaa barbaachisu kan guutu yoo ta'e hayyamni investimentii akka kennamuuf Komishinii yookiin caasaa isaa aangoo qabutti iyyachuu ni danda'a.

2) Hayyamni investimentii kan kennamu, galmeeffamu, haaromfamuu fi jijjiiramu sadarkaa Komishinii, Waajjira Investimentii Godinaa, Magaalota Muummee fi Ol'aanaatti qofa ta'a.

3) Hayyama investimentii argachuun qofti investara abbaa mirga itti fayyadama qabiyyee lafa investimentii isa hin taasisu.

4) Qaamni bulchiinsa investimentii dhimmi ilaallatu yoo murteesse malee hayyama investimentii nama biraatiif dabarsuun hin danda'amu.

29. Hayyama Investimentii Sadarkaa Komishiniitti Kennamu

Hayyamni pirojeektii investimentii armaan gadii sadarkaa Komishiniitti kan kennamu yookiin haaromfamu ta'a:

1) pirojeektii investimentii waliigalteen isaa sadarkaa Komishiniitti mallattaa'u;

2) Investara qaama mirga itti fayyadama qabiyyee lafaa qabu irraa kireeffateef yookiin bakka oomishaa yookiin tajaajilaa kireeffatee hojjachuu barbaaduuf;

3) Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa, Gamisa Horsiisee Bulaa yookiin nama lafa qabiyyee dhuunfaa isaa irratti hojii investimentii gaggeessuuf murtii lafaa fi waliigaltee investimentii osoo hin qabaatiin hayyama investimentii qofa gaafatee fi dandeettiin isaa ragaan mirkanaa'e;
4) Investara gamoo yookiin mana kuusaa kireeffatee hojjachuu barbaaduuf;
5) pirojeektii investimentii ijaarsa waliigalaa, ijaarsa gamoowwanii, ijaarsa daandiwwanii, ijaarsa bishaanii, tajaajila kireessa makaanaayizeeshinii qonnaa fi tajaajila kireessa maashinarii ijaarsaa gaaffii hayyamaa sadarkaa Komishiniitti dhiyeeffatan;
6) Investaroota biyya keessaa Paarkii Agroo Industirii naannoo keessatti sheedii ofii ijaarratan yookiin mootummaa irraa kireeffatanii hojjataniif.

30. Hayyama Investimentii Sadarkaa Waajjira Investimentii Godinaatti Kennamu

Hayyamni pirojeektii investimentii armaan gadii sadarkaa Waajjira Investimentii Godinaatti kan kennamu yookiin haaromfamu ta'a:

1) pirojeektii investimentii sadarkaa Godinichaatti waliigalteen isaa mallattaa'u;
2) pirojeektii investimentii ijaarsa waliigalaa, ijaarsa gamoowwanii, ijaarsa daandiwwanii, ijaarsa bishaanii, tajaajila kireessa makaanaayizeeshinii qonnaa fi tajaajila kireessa maashinarii ijaarsaa sadarkaa Godinaatti iyyata yoo dhiyeeffate;
3) abbaa qabeenyaa caalbaasii liiziitiin magaalota itti waamamni isaanii Godinaa yookiin Aanaaf ta'e keessatti lafa argatee hayyama investimentii gaafatu.

31. Hayyama Investimentii Sadarkaa Waajjira Investimentii Magaaloota Muummee yookiin Ol'aanaatti Kennamu

Hayyamni pirojeektii investimentii armaan gadii sadarkaa Waajjira Investimentii Magaaloota Muummee yookiin Ol'aanaatti kan kennamu yookiin haaromfamu ta'a:

1) pirojeektii investimentii sadarkaa magaalichaatti waliigalteen isaa mallattaa'u;
2) pirojeektii investimentii ijaarsa waliigalaa, ijaarsa gamoowwanii, ijaarsa daandiwwanii, ijaarsa bishaanii, tajaajila kireessa makaanaayizeeshinii qonnaa fi tajaajila kireessa maashinarii ijaarsaa sadarkaa magaalichaatti iyyata yoo dhiyeeffate;
3) abbaa qabeenyaa caalbaasii liiziitiin magaalicha keessatti lafa argatee hayyama investimentii gaafate.

32. Iyyannoo Hayyama Investimentii Gaafachuuf Dhiyaatu

1) Namni hayyama investimentii argachuuf iyyata dhiyeessu ulaagaalee armaan gadii guutee dhiyeessuu qaba:
   (a) iyyata gaaffii hayyama investimentii;
   (b) kooppii waraqaa eenyummeessaa yookiin paaspoortii kan haaromfame suuraa waliin;
   (c) qorannoo karoora bu'a qabeessummaa hojii pirojeektii investimentii qoratamee dhiyaatee fi qaama pirojeektii xiinxaleen mirkanaa'e;

(d) ragaa sochii maallaqa baankii yoo xiqqaate kan ji'a 6 (jahaa) agarsisuu fi kaappitaala hojiif barbaachisu keessaa yeroo gaafficha dhiyeessutti akkaataa gosa pirojeektiitiin % 30 (dhibbeentaa soddoma) qusachuu yookiin bittaan maashinootaa fi meeshaalee hojii karoorfateen walqunnamtii qabu raawwatamee yoo jiraate ragaa yookiin nagahee dandeettii % 30 (dhibbeentaa soddoma) madaalu agarsisu;

(e) keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (d) jalatti kan tumame jiraatullee, pirojeektii paarkii Industirii bu'aa qonnaa yoo ta'e % 15 (dhibbeentaa kudha shan) qusachuu isaa agarsiisu yookiin bittaan maashinootaa fi meeshaalee hojii karoorfateen walqunnamtii qabu raawwatamee yoo jiraate ragaa yookiin nagahee dandeettii % 15 (dhibbeentaa kudha shan) madaalu agarsisu;

(f) pirojeektiin investimentii hojjachuuf karoorfame bu'uura Dambii Gurmaa'insa Pirojeektoota Investimentii Naannoo Oromiyaa Lakk. 206/2011 keessatti tumameen kan wal simu ta'uu;

(g) iddoon pirojeektichaa magaalaa keessa yoo ta'e pilaanii magaalaa wajjin kan wal simu ta'uu isaa fi gurmaa'insa Dambii Gurmaa'insa Pirojeektoota Investimentii Naannoo Oromiyaa Lakk. 206/2011 tiin kan hayyamamee ta'uu;

(h) diyaaspooraa yoo ta'e Diyaaspooraa ta'uu isaa fi dandeettii qabaachuu ragaa agarsiisu dhiyeeffachuu;

(i) pirojeektichi waldaan kan gaggeeffamu yoo ta'e barreeffama hundeeffamaa fi dambii ittiin bulmaataa waldaa qaama aangoo qabuun mirkanaa'e;

(j) kaffaltii tajaajilaa hangi isaa Qajeelfama bahuun murtaa'uu kaffaluun nagahee dhiyeessuu;

(k) pirojeektichi qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo kan barbaachisu yoo ta'e ragaa qaama aangoo qabuun mirkanaa'ee;

(l) iyyanni kan dhiyaatuu bakka bu'iinsaaan yoo ta'e, ragaa bakka bu'ummaa qaama aangoo qabuun kenname.

2) Ulaagaaleen keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumaman akkuma eeggamanitti ta'ee:

(a) investarri murtii pirojeektii investimentii qabu hayyama investimentii fudhachuuf yoo barbaade ragaa murtii pirojeektii investimentii fi waliigaltee investimentii mallattaa'e waliin dhiyeessuu qaba.

(b) namni bakka oomishaa yookiin tajaajilaa kireeffachuun yookiin lafa qabiyyee dhuunfaa Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaa irraa kireeffachuun hojjachuuf hayyama investimentii gaafatu waliigaltee kireessaa fi kireeffataa qaama aangoo qabuun mirkanaa'e fi koppii ragaa abbaa qabiyyummaa kireessaa ibsu dabalataan dhiyeeffachuu qaba.

(c) Paarkii Industirii keessatti hojii investimentii gaggeessuuf namni hayyama investimentii gaafatu waliigaltee iddoo oomishaa yookiin sheedii dhaabbatichi kireeffataa waliin mallatteesse yookiin kireeffataan ofii isaatiif paarkicha keessatti ijaarrachuu isaa ragaa agarsisuu fi waliigaltee kireessaa fi kireeffataa qaama aangoo qabuun mirkanaa'e dhiyeessuu qaba.

3) keewwata kana keewwata xiqqaa 1(f) fi (g) jalatti kan tumamee jiraatullee, qaamni hayyama kennu pirojeektii Investimentii Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaan yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan dhiyaatanii murtii lafa pirojeektii investimentii qabanii fi kanneen lafa qabiyyee dhuunfaa irratti hojjachuuf karoorfame irratti hayyama kennuuf kilaastara yookiin gurmaa'insa investimentii eeguuf hin dirqamu.

33. Hayyama Investimentii Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaaf yookiin Gamisa Horsiisee Bulaaf Kennamu

1) Qonnaan Bulaan, Horsiisee Bulaan yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan lafa qabiyyee dhuunfaa isaa irratti hojii Investimentii ofiin gaggeessuuf hayyama Investimentii gaafatu ulaagaalee armaan gadii guutuu qaba:

(a) gaaffii hayyama Investimentii guca Komishiinichaan qophaa'u irratti guutuun dhiyeessuu;

(b) koppii waraqaa eenyummeessaa kan haaromfame suuraa waliin;

(c) qorannoo karoora bu'a qabeessummaa hojii pirojeektichaa;

(d) waraqaa ragaa itti fayyadama qabiyyee lafaa qaama aangoo qabuun kennameef;

(e) kaappitaala pirojektichaaf barbaachisu keessaa qarshii 300,000.00 (kuma dhibba sadii) fi sanaa ol qusachuu isaa ragaa agarsiisu Baankii irraa kennameef;

(f) kaffaltii tajaajilaa Qajeelfama bahuun murtaa'u kaffaluu isaa nagahee agarsiisu;

(g) pirojeektichi qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo kan barbaachisu yoo ta'e qaama aangoo qabu irraa ragaa kenname;

(h) iyyanni dhiyaatu bakka bu'aan yoo ta'e ragaa bakka bu'uummaa qaama aangoo qabuun kenname.

2) Qaamni hayyama investimentii kennu Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaan yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan pirojeektii investimentii lafa qabiyyee dhuunfaa isaa irratti hojjachuuf karoorfame gurmaa'insa Investimentii Dambii Gurmaa'insa Pirojeektoota Investimentii Naannoo Oromiyaa Lakk. 206/2011 jalatti tumame eeguuf hin dirqamu.

34. Haaromsa Hayyama Investimentii

1) Investarri hayyama investimentii fudhatee hanga oomisha isaa yookiin tajaajila isaa gabaatti dhiyeessuu eegaluutti hayyama isaa waggaa waggaan haaromsuu qaba.

2) Hayyamni investimentii bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin dhiyaatu barri hayyamaa akkuma xumurameen ji'a tokko keessatti dhiyaatee haaromfamuu qaba.

3) Investarichi hayyama guyyaa fudhate irraa eegalee ijaarsa pirojeektiif sochii tokko illee osoo hin eegaliin waggaa 2(lama) yoo guute hayyamichi haaromfamuu hin danda'u.

4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame jiraatus, Investarichi ijaarsa yookiin sochii qabatamaa keessa galuu yookiin xumuruu kan hin dandeenye ta'uun isaa sababa gahaa yoo dhiyeessee fi qaama Bulchiinsa Investimentii aangoo qabuun yoo itti amaname hayyamichi haaromfamuufii ni danda'a.

35. Haalota Hayyama Investimentii Haqsiisuu Danda'an

1) Hayyamni investimentii qaama hayyama investimentii kenneen kan haqamu ta'a.

2) Hayyamni investimentii Waajjira Investimentii Godinaa yookiin Magaalaa Muummee fi Ol'aanaatiin kan haqame yoo ta'e waajjirichi ji'a tokko keessatti murtii isaa sababaan deeggaruun Investarichaaf barreeffamaan kennuu fi Komishinii beeksisuu qaba.

3) Komishinichi yookiin Waajjirri Investimentii Godinaa yookiin Magaalaa Muummee fi Ol'aanaa hayyama investimentii haalota armaan gadiitiin haquu ni danda'a:

(a) waliigalteen pirojeektii investimentii investarichaa yoo diiggame yookiin addaan cite;

(b) investarichi jajjabeessituu ashuuraan ala hojii investimentiif alaa galfate hojii investimentii isaaf hayyamameen alatti yoo itti fayyadame yookiin seeraan ala nama biraatiif dabarsee yoo argame;

(c) investarichi hayyama investimentii kan fudhate ragaa sobaa dhiyeessuun ta'uun isaa yoo mirkanaa'e;

(d) pirojeektiin investimentii naannoo fi fayyaa namaa irratti miidhaa geessisuun isaa qaama aangoo qabuun mirkanaa'ee akka sirreessu beeksifamee sirreessuu yoo dhabe;

(e) Investarichi lafa liiziin yookiin kiraan fudhate pirojeektii hayyamameefiin ala yoo itti fayyadame yookiin hayyama qaama aangoo qabuun ala qaama sadaffaaf yoo dabarse;

(f) Investarichi hayyama investimentii isaa qaama aangoo qabuun osoo hin hayyamamiin nama biraaf dabarsee yoo kireesse;

(g) Investarichi seerota biyyattiis ta'ee naannichaa rogummaa qaban kan biroo kan hin kabajnee fi akeekkachiisa qaama aangoo qabuun isaaf kennamu fudhachuu yoo dide yookiin of-eeggannoon kennameefi kan hin sirreessine yoo ta'e;

(h) Investarichi biyyattii irratti yakka investimentiidhaan wal-qabate raawwatee yoo itti murtaa'e;

(i) Investarichi seeraan ala qabeenya uumamaa yoo mancaase;

(j) mirgi abbummaa qabiyyee yookiin maqaan yookiin gosti pirojeektii investimentii hayyama itti fudhatee beekumsaa fi hayyama qaama aangoo qabuun ala yoo jijjiirame.

Kutaa Shan

Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Qaamolee Bulchiinsa Investimentii

36. Gurmaa'ina

Bulchiinsi Investimentii Naannoo Oromiyaa gurmaa'ina armaan gadii ni qabaata:

1) Boordii Investimentii;
2) Komishinii;
3) Koree Investimentii Godinaa;
4) Waajjira Investimentii Godinaa;
5) Koree Investimentii Magaalaa Muummee fi Ol'aanaa;
6) Waajjira Investimentii Magaalaa Muummee fi Ol'aanaa;
7) Koree Investimentii Magaalota Itti Waamamni Isaa Godinaaf ta'e;
8) Waajjira Investimentii Magaalaa Itti waamamni isaa Godinaaf ta'e;
9) Koree Investimentii Aanaa; fi
10) Deeskii Investimentii Aanaa.

37. Miseensota Boordii

1) Miseensonnii Boordii kanneen armaan gadii ta'u:
   (a) Pirezidaantii Mootummaa Naannoo ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~Walitti qabaa;
   (b) Sadarkaa Itti Aanaa Pirezidaantiitti Hogganaa Sektara Misooma Baadiyyaa ~~ Miseensa;
   (c) Sadarkaa Itti Aanaa Pirezidaantiitti Hoogganaa Sektara Misooma Magaalaa ~~Miseensa;
   (d) Hogganaa Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
   (e) Hogganaa Biiroo Misooma Interpiraaayiziifi Industirii ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
   (f) Hogganaa Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
   (g) Hogganaa Biiroo Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
   (h) Hogganaa Biiroo Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
   (i) Daarektara Ol/Ab/Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijj/Qilleensaa ~~ Miseensa;
   (j) Komishinara Komishinii Investimentii ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensaa fi barreessaa;
   (k) Pirezidaantiin Naannoo kan bakka buusu nama tokko ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa.
2) Walitti qabaan yookiin miseensonni Boordii bakka ofii argamuu hin dandeenyetti nama biraa bakka buusuu ni danda'u.

38. Itti Waamama Boordii Investimentii

Itti waamamni Boordichaa Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif ta'a.

39. Aangoo fi Hojii Boordii

Boordichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Karoora waggaa qophii lafa invstimantii Biiroodhaan qophaa'ee dhiyaatu xiinxalee ni mirkaneessa; akka qophaa'u ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;

2) Lafa tajaajila investimentiif ooluu danda'u beenyaan itti kaffalamuu qabu baajanni mootummaatiin akka ramadamu ni taasiisa; raawwii isaa ni hordofa;
3) gaaffii pirojeektii investimentii dhiyaatee fi bu'a qabeessummaan isaa Komishinichaan xinxalameef lafti dorgommiin yookiin dorgommiin ala akka kennamu ni murteessa;
4) pirojeektii investimentii bu'a qabeessummaa isaa xiinxaluun sadarkeeffamee Komishinichaan dhiyaateef keessaa kan itti amane irratti murtii ni kenna;
5) gaaffii lafaa Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan lafa qabiyyee isaa yookiin lafa mootummaa irratti hojii investimentii gaggeessuuf xiinxalamee dhiyaate irratti lafti ramaddiin akka kennamu ni murteessa;
6) gaaffii haaromsa waliigaltee pirojeektoota barri waliigaltee isaanii xumurame ilaalchisee dhiyaatu qoratee murtii ni kenna;
7) dhimmoota gurguddoo investimentii waliin walqabatanii fi sadarkaa Komishiniitti furmaata argachuu hin dandeenye xiinxaluun murtii ni kenna; akka hojiirra oolu ni taasisa; raawwii isaas ni hordofa;
8) tilmaama qabeenya hin sochoonee lafa investimentii waliigalteen isaa adda cite irra jiru qaama dhimmi ilaaluun tilmaamamee akka dhiyaatu ni taasisa; ni mirkanneessa; kaffaltiin tilmaama qabeenyichaa abbaa mirgaatiif akka raawwatamuu murtii ni kenna; haalli raawwii isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;
9) fooramiin investarootaa fi mootummaa sadarkaa naannoo fi akkaataa barbaachisummaa isaatti sadarkaa adda addaatti akka hundeeffamu ni taasiisa; ni deeggara; hanqinoota dhiyaatan irratti kallattii sirreeffamaa ni kenna; akka hojii irra oolu ni taasisa;
10) ol'iyyannoo investarri citiinsa yookiin diigamuu waliigaltee pirojeektii investimentiin walqabatee dhiyeessu qoratee yookiin qorachiisee murtii ni kenna;
11) keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumamee akkuma eegametti ta'ee, pirojeektoota investimentii faayidaa diinagdee fi hawaasummaa ol'aanaa ummata naannichaaf qabanii fi Komishiniin xinxalamee dhiyaate irratti lafti investimentii, akkaatuma barbaachisummaa isaatti dorgommiin yookiin dorgommii malee akka kennamuuf murteessuu ni danda'a;
12) gaaffii babal'ifannaa fi daballii lafa pirojeektii investimentii investara akkaataa waliigaltee seenameen raawwatee, barbaachisummaan isaa Komishiniin xinxalamee dhiyaate irratti murtii ni kenna;
13) Qaamoleen hojii investimentii keessatti gahee qaban walitti dhufanii tajaajila iddoo tokkoo investaraaf akka kennan ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa; kallattii ni kaa'a;
14) aangoo fi hojii isaa keessaa qoodee Qaamolee Bulchiinsa Investimentiitiif bakka bu'iinsa kennuu ni danda'a; raawwii isaas ni hordofa. Raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

40. Aangoo fi Hojii Komishinii

Aangoo fi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Komishiniin aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) fedhii qophii lafa investimentii pirojeektoota investimentii adda addaatiif oolu qopheessuun waggaa waggaadhaan Biiroof ni dhiyeessa; qindoominaan ni hojjata; ragaa isaa ni qindeessa; yeroo yerootti ragicha ni wayiteessa;
2) pirojeektoota investimentii biyyaaf faayidaa guddaa qabanii fi haala barbaadamuun irratti hin hojjatamiin yeroo yeroon qorannoo irratti gaggeessuun adda baasuudhaan hojii beeksisaa ni gaggeessa;
3) gaaffii pirojeektii investimentii investaraan dhiyaatu simachuun, calaluu fi xiinxaluun kanneen bu'a qabeessummaan isaanii mirkanaa'ee dorgomiin yookiin dorgomiin ala keessumma'an murtii Boordiif ni dhiyeessa; bu'uura murtii kennameen hojiirra ni oolcha;
4) gaaffii pirojeektii investimentii Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan lafa qabiyyee isaa yookiin lafa mootummaa irratti hojii investimentii gaggeessuuf Deeskii Investimentii Aanaa yookiin Waajjira Investimentii Magaalaatiin calalamee dhiyaateef xinxalee murtii Boordiif ni dhiyeessa;
5) gaaffii pirojeektoota investimentii magaalaa ilaalchisee Dambii Lafa Magaalaa Naannoo Oromiyaa Liiziin Bulchuuf bahe Lakk. 182/2008 keewwata 25 (1) jalatti pirojeektoota investimentii ramaddiin kennuuf hayyamaman keessaa kanneen armaan gadii investaraan yoo dhiyaatan ni simata; ni calala; ni xiinxala; Boordiif ni dhiyeessa; murtii kenname hojiirra akka oolu ni taasisa:
   (a) gaaffii pirojeektii investimentii industirii manufaakchariingiitiif oolu;
   (b) gaaffii pirojeektii investimentii tajaajila gurguddoo biroo faayidaa ol'aanaa biyyaalessummaa qaban ta'ee kan Pirezidaantii Naannichaatiin itti amaname;
   (c) gaaffii babal'ifannaa fi daballii lafa pirojeektii investimentii kan keewwata kana keewwata xiqqaa (a fi b) jalatti tumaman irratti investara akkaataa waliigaltee seeneen hojii investimentii raawwataniin dhiyaatu;
6) keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti kan tumame jiraatullee, gaaffiin pirojeektii investimentii magaalaa keessatti Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaadhaan lafa qabiyyee isaa yookiin lafa mootummaa kan biraa irratti hojii investimentii gaggeessuuf kan dhiyaate yoo ta'e, lafti investimentii ramaddiin akka kennamuuf yaada murtii Koree Investimentii Magaalichaatiin kennamee dhiyaateef qindeessun Boordiif ni dhiyeessa;

7) gaaffii babal'ifannaa fi daballii lafaa pirojeektii investimentii investaraa akkaataa waliigaltee seeneen raawwate irraa dhiyaatu simachuun barbaachisummaa isaa xiinxalee Boordiif ni dhiyeessa; murtii kenname ni raawwachiisa;
8) Investara hojii investimentiif lafa fudhatee waliigaltee investimentii seenee fi hayyama investimentii fudhate haala itti fufiinsa qabuun ni deeggara; ni hordofa; ni to'ata; akkaataa waliigaltee investimentii fi hayyama investimentii fudhateen kan hin hojjanne irratti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamuu ni taasisa;
9) waliigaltee investimentii sadarkaa Komishiniitti mallattaa'u ni mallatteessa; ni jijjiira; ni haaromsa; qaama dhimmi ilaalu ni beeksiisa;
10) gaaffii pirojeektii investimentii sadarkaa Godinaa yookiin Magaalaa Muummee fi Ol'aanaatti simatamee Koree Investimentii Godinaatiin yookiin Magaalaa Muummee fi Ol'aanaatiin yaadni murtii itti kennamee isaaf ergame ilaalchisee bu'a qabeessummaa isaa xiinxaluun Boordiif ni dhiyeessa; murtii kenname hojiirra ni oolcha; akka hojii irra oolu ni taasisa;
11) pirojeektii investimentii hayyamni investimentii sadarkaa Komishiniitti kennamu ilaalchisee gaaffii hayyamaa dhiyaatu simachuun hayyama investimentii ni kenna; ni galmeessa; ni haaromsa; ni jijjiira; bakka ni buusa; ni haqa;
12) naannicha keessatti maloota investimentii babal'isan, bu'a qabeessa taasisanii fi hanqinoota mul'ataniif furmaata kennuuf hojimaata dandeessisu ni qopheessa; hojiirra ni oolcha;
13) odeeffannoowwan carraa investimentii naannichi qabu, ulaagaaleen barbaachisanii fi adeemsa gaaffiin investimentii itti dhiyaatu maloota adda addaatti fayyadamuun ni beeksisa;
14) pirojeektii investimentii jajjabeessituuwwan investimentii seeraan hayyamameef ni kenna; ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamuus ni taasiisa; qaamolee dhimmi ilaaluuf ni beeksiisa;
15) Investarri haala seera investimentiitiin, waliigaltee taasiseen fi qorannoo dhiibbaa naannoo mirkaneeffatee dhiyeeffateen hojjachuu isaa qaama dhimmi ilaaluu waliin ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
16) gaaffii jijjiirraa gosa pirojeektii investimentii irratti dhiyaatu ni simata; ni xiinxala; pilaanii fi seera jiru irratti hundaa'uun qaama dhimmi ilaalu waliin ni raawwata;
17) Investarri hayyama investimentii fudhatee fi waliigaltee investimentii mallatteesse kamiyyuu haala waliigaltee seeneen hojii keessa akka galu ni deeggara; ni hordofa; kanneen bu'uura waliigalteetiin hin hojjanne ofeegganoo barreeffamaan ni kenna; yoo hojicha jalqabuu baatee tarkaanfii barbaachisaa ta'e ni fudhata;

18) pirojeektii investimentii ijaarsa eegalee sadarkaa adda addaatti dhaabe yookiin ijaarsa xumuree hojii kenna tajaajilaa yookiin oomisha hin eegaliinii fi tajaajila yookiin oomisha eegalee kan addaan kute hordoffii taasiisuun hojiittii akka galan ni deeggara; sababa hanqina investarichaatiin yoo ta'e of eeggannoo barreeffamaan ni kenna; yoo sirreeffamuu baate waliigaltee ni diiga; akka diigamu ni taasisa;
19) pirojeektii investimentii barri waliigaltee investimentii isaa xumurame akkaataa itti haaromfamuu danda'u ilaalchisee hojimaata ni qopheessa; hojii irra ni oolcha;
20) gaaffii haaromsa waliigaltee pirojeektii investimentii barri waliigaltee xumuramee investaraan dhiyaatu simachuun akka murtaa'u Boordiif ni dhiyeessa; waliigaltee haaromsaa ni mallatteessa;
21) pirojeektiin investimentii paarkiiwwan industirii keessa galanii akka hojjatan hojii beeksiisaa ni hojjata;
22) kenna tajaajila investimentii naannichaa fooyyessuuf qaamolee dhimmi ilaalu waliin ta'uudhaan tajaajila iddoo tokkoo ni kenna; ni deeggara; ni hordofa; raawwii isaa ni gabaasa; haalli raawwii isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;
23) pirojeektiin investimentii naannicha keessatti hojjachaa jiru dirqama hawaasummaa qabu akka bahu ni kakaasa; akka karoorfatan ni hojjata; ni hordofa; ragaa ni qabata;
24) akkaataa barbaachisummaa isaatti aangoo fi hojii isaa keessaa qoodee caasaalee isaatiif bakka bu'iinsa kennuu ni danda'a.

41. Miseensota Koree Investimentii Godinaa

Koreen Investimentii Godinaa miseensota armaan gadii ni qabaata:

1) Bulchaa Godinichaa ---------------------------------------------------- Walitti qabaa;
2) Ittigaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa ------------------- Miseensa;
3) Ittigaafatamaa Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa ----------------------- Miseensa;
4) Ittigaafatamaa Waajjira Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijj/Qilleensaa --------- Miseensa;
5) Ittigaafatamaa Waajjira Misooma Interpiraayizii fi Industirii ------------------ Miseensa;
6) Ittigaafatamaa Waajjira Misooma Magaalaa fi Manneenii --------------------- Miseensa;
7) Ittigaafatamaa Waajjira Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee ------------------ Miseensa;
8) Ittigaafatamaa Waajjira Investimentii ------------------------ Miseensaa fi Barreessaa; fi
9) Nama Bulchaan Godinaa bakka buusu tokko -------------------------------- Miseensa.

42. Itti Waamama Koree Investimentii Godinaa

Itti waamamni Koree Investimentii Godinaa Boordiif ta'a.

43. Aangoo fi Hojii Koree Investimentii Godinaa

Koreen Investimentii Godinaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) karoora waggaa qophii lafa invstimantii Waajjira Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafaatiin qophaa'ee dhiyaatu xiinxalee ni mirkaneessa; akka qophaaúu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;
2) lafa investimentii godinichaa qaama dhimmi ilaallatuun qoratamee akka dhiyaatu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;
3) gaaffii pirojeektii investimentii sadarkaa Godinaatti dhiyaatan simachuun xiinxalee yaada murtii waliin Komishiniif akka ergamu ni taasisa;
4) gaaffii pirojeektii investimentii Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaatiin dhiyaatee yaada murtii Koree Investimentii Aanaa yookiin Magaalota itti waamamni isaanii Godinaaf ta'ee irraa ergameef ilaaluun yaada murtii kennuun Komishiniif akka ergamu ni taasisa;
5) gaaffii pirojeektii investimentii sadarkaa Komishiniitti simatame irratti yaada murtii yoo gaafatame yaada ni kenna;
6) Investara akkaataa waliigalteetiin hin hojjanne irratti tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;
7) rakkoolee investara qunnaman xiinxalee furmaata ni kenna; kan humna isaatii ol ta'e Komishiniif ni erga;
8) fooramii investarootaa Godina keessa jiranii fi mootummaa ni qindeessa; marii ni gaggeessa;
9) Aangoo fi hojii bakka bu'iinsaan kennamuuf kamiyyuu itti gaafatamummaan ni raawwata.

44. Aangoo fi Hojii Waajjira Investimentii Godinaa

Waajjirri Investimentii Godinaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) lafa investimentii Godinicha keessatti pirojeektoota investimentiif ooluu danda'u Waajjira Bulchiinsa fi Itti fayyadama Lafaatiin qoratamee dhiyaate ragaa isaa ni fudhata; qindeessee Komishiniif ni erga;
2) kuufama qabeenya fi carraa investimentii Godinichi qabu addaan baasuun ragaa qindeeffatee Komishiniif ni dabarsa;
3) carraa investimentii Godinichi qabu ni beeksisa; odeeffannoo fi gorsa barbaachisaa ta'ee ni kenna; barreeffamoota investimentii babal'isuuf gargaaran ni qopheessa; ni raabsa;
4) pirojeektii investimentii sadarkaa godinatti simatamu qaban ni simata; ni calala; ni xiinxala; Koree Investimentii Godinaatiif ni dhiyeessa; yaada murtii kenname Komishiniif ni erga; murtii kennamee hojiirra akka oolu ni hojjata;

5) yaada murtii Koree Investimentii Aanaa yookiin Magaalota itti waamamni isaanii Godinaaf ta'e qindeessuun Koree Investimentii Godinaaf ni dhiyeessa;
6) pirojeektii investimentii waliigalteen isaa sadarkaa Godinaatti mallattaa'uu qabu waliigaltee qopheessuudhaan akka mallattaa'u ni taasisa; ni galmeessa;
7) pirojeektii investimentii Godinichaa ni deeggara; ni hordofa; ragaa ni qabata; haala sochii pirojektootaa ni gabaasa;
8) Investara akkaataa waliigalteetiin hin hojjanneef of eeggannoo barreeffamaan ni kenna; of eegganno kennamee Komishiniif ni beeksisa;
9) rakkoo raawwii investimentii irratti qunnaman adda ni baasa; furmaata ni kenna; kan humnaa isaatii ol ta'e Koree Godinichaaf ni dhiyeessa;
10) ragaa pirojeektii investimentii Godinichaa ni qindeessa; ni wayiteessa; ni gabaasa;
11) gaaffii hayyama investimentii sadarkaa Godinaatti kennaman ni simata; hayyama ni kenna; ni galmeessa; ni haaromsa; ni hordofa; ni haqa; Komishiniif ni gabaasa;
12) Godinicha keessatti maloota investimentii babal'isan, bu'a qabeessa taasisan fi hanqinoota mul'atan furmaata akka argatan ni taasisa;
13) aangoo fi hojii bakka bu'iinsaan kennamuuf ni raawwata;
14) raawwii hojii investimentii Godinichaa ilaalchisee Komishiniif ni gabaasa.

45. Miseensota Koree Investimentii Magaalotaa Muummee fi Ol'aanaa

Korichi miseensota armaan gadii ni qabaata:

1) Kantiibaa Magaalichaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Walitti qabaa;
2) Ittigaafatamaa Waajjira Bulchiinsa fi Itti Fayyadama Lafaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
3) Ittigaafatamaa Waajjira Dhimma Hojjataa fi Hawwaasummaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
4) Ittigaafatamaa Waajjira Misooma Interpiraaayizii fi Industirii ~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
5) Ittigaafatamaa Waajjira Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijjiirama Qilleensaa ~~~~Miseensa;
6) Ittigaafatamaa Waajjira Misooma Magaalaa fi Manneenii ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
7) Ittigaafatamaa Waajjira Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
8) Ittigaafatamaa Waajjira Investimentii ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensaa fi Barreessaa; fi
9) Nama Kantibaan bakka buusu tokko ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa.

46. Itti waamama Koree Investimentii Magaalaa Muummee fi Ol'aanaa

Itti waamamni Koree Investimentii Magaalaa Muummee fi Ol'aanaa Boordiif ta'a.

47. Aangoo fi Hojii Koree Investimentii Magaala Muummee fi Ol'aanaa

Korichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Karoora waggaa qophii lafa invstimantii Magaalicha keessatti Waajjira Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafaatiin qophaa'ee dhiyaatu xiinxalee ni mirkaneessa; akka qophaaúu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;

2) Lafa tajaajila investimentiif ooluu danda'u beenyaan itti kaffalamuu qabu baajanni mana qopheessaatiin akka ramadamu ni taasiisa; raawwii isaa ni hordofa;
3) Magaalicha keessatti lafa investimentii tajaajila gosa pirojeektii adda addaatiif ooluu danda'uu qaama dhimmi ilaallatuun qoratamee akka dhiyaatuu ni taasisa; bu'uurri misoomaa guutuu isaa ni qorata; raawwii isaa ni hordofa;
4) gaaffii pirojeektoota investimentii lafti ramaddiin kennamuu danda'uu irratti dhiyaatu ilaaluun yaada murtii waliin Komishiniif akka ergamu ni taasisa;
5) gaaffii pirojeektii investimentii Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan Waajjira Investimentii Magaalichaatti dhiyaate yaada murtii waliin Komishiniif akka ergamu ni taasisa;
6) gaaffii pirojeektii investimentii sadarkaa Komishiniitti simatame irratti yaada murtii yoo gaafatame yaada ni kenna;
7) Investara akkaataa waliigalteetiin hin hojjanne irratti tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;
8) rakkoolee investara qunnaman xiinxalee furmaata ni kenna; kan humna isaatii ol ta'e Komishiniif ni erga;
9) fooramii investarootaa Magaalicha keessa jiranii fi Mootummaa ni qindeessa; marii ni gaggeessa;
10) Aangoo fi hojii bakka bu'insaan kennamuuf kamiyyuu itti gaafatamummaan ni raawwata.

48. Aangoo fi Hojii Waajjira Investimentii Magaalaa Muummee fi Ol'aanaa

Waajjirichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) magaalicha keessatti lafa pirojeektoota investimentiif ooluu danda'uu qaama dhimmi ilaaluun qoratamee dhiyaate ragaa isaa ni fudhata; ragaa isaa qindeessee Komishiniif ni erga;
2) kuufama qabeenya fi carraa investimentii Magaalichi qabu addaan baasuun ragaa qindeeffatee Komishiniif ni dabarsa;
3) carraa investimentii Magaalichi qabu ni beeksisa; odeeffannoo fi gorsa barbaachisaa ta'ee ni kenna; barreeffamoota investimentii babal'isuuf gargaaran ni qopheessa; ni raabsa;
4) simannaa gaaffii pirojeektii investimentii sadarkaa magaalichaatti simatamu qaban ni simata; ni calala; Koreen Investimentii Magaalichaa yaada murtee akka irratti kennuu ni dhiyeessa; yaada murtii kenname Komishiniif ni erga; murtii kennamee hojiirra akka oolu ni hojjata;

5) pirojeektii investimentii waliigalteen investimentii isaa sadarkaa Magaalichaatti mallattaa'uu qabu waliigaltee qopheessuun akka mallattaa'u ni taasisa; qaama dhimma ilaaluu ni beeksiisa;

6) Investaroota pirojeektii investimentii magaalichaatti gaggeessuuf waliigaltee seenanii fi hayyama investimentii fudhatan ni deeggara; ni hordofa; ni to'ata; ragaa qindeessee ni qabata;

7) Investaroota haala waliigalteetiin hin hojjannef of eeggannoo barreeffamaan ni kenna; komishiinichaaf ni beeksisa;

8) rakkoo raawwii investimentii irratti qunnaman adda ni baasa; furmaata ni kenna; kan humnaa isaatii ol ta'e qaama aangoo qabuuf ni dhiyeessa;

9) ragaa pirojeektii investimentii Magaalichaa ni qindeessa; ni wayiteessa; ni gabaasa;

10) gaaffii hayyama investimentii sadarkaa magaalichaatti simatamu qabu ni simata; hayyama ni kenna; ni galmeessa; ni haaroomsa; ni hordofa; ni haqa;

11) Magaalicha keessatti maloota investimentii babal'isan, bu'a qabeessa taasisan fi hanqinoota mul'ataniif furmaata ni kenna; akka kennamu ni taasisa;

12) aangoo fi hojii bakka bu'iinsaan kennamuuf ni raawwata;

13) raawwii hojii investimentii magaalichaa ilaalchisee Komishiniif ni gabaasa.

49. Miseensota Koree Investimentii Magaalaa Itti Waamamni Isaa Godinaaf Ta'ee

Bulchiinsa Magaaloota Itti waamamni isaa Godinaaf ta'ee Caasaa Investimentii qaban keessatti Koreen Investimentii miseensota armaan gadii ni qabaata:

1) Kantiibaa Magaalichaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Walitti qabaa;
2) Ittigaafatamaa Waajjira Mana Qopheessaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
3) Ittigaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
4) Ittigaafatamaa Waajjira Misooma Interpiraaayizii fi Industirii ~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
5) Ittigaafatamaa Waajjira Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
6) Ittigaafatamaa Waajjira Investimentii ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensaa fi Barreessaa;
7) Nama Kantibaan bakka buusu tokko ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa.

50. Itti Waamama Koree Investimentii Magaalaa Itti Waamamni Isaa Godinaaf ta'e

Itti waamamni Koree Investimentii Magaalaa Itti Waamamni Isaa Godinaaf ta'ee Koree Investimentii Godinaatiif ta'a.

51. Aangoo fi Hojii Koree Investimentii Magaalaa Itti Waamamni Isaa Godinaaf ta'e

Korichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Karoora waggaa qophii lafa invstimantii Magaalicha keessatti Waajjira Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafaatiin qophaa'ee dhiyaatu xiinxalee ni mirkaneessa; akka qophaa'uu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;

2) Lafa tajaajila investimentiif ooluu danda'u beenyaan itti kaffalamuu qabu baajanni mana qopheessaatiin akka ramadamu ni taasiisa; raawwii isaa ni hordofa;
3) Magaalicha keessatti lafa investimentii tajaajila gosa pirojeektii investimentiif ooluuf danda'uu waliin qaama dhimmi ilaallatuun qoratamee akka dhiyaatuu ni taasisa; bu'uurrii misoomaa guutuu isaa ni qorata; raawwii isaa ni hordofa;
4) gaaffii pirojeektoota investimentii magaalicha keessatti gaggeeffamuuf sadarkaa Godinaatti dhihaatee yaada murtii gaafatamee ilaaluun yaada murtii kennuun Waajjira Investimentii Godinaatiif akka ergamu ni taasiisa;
5) gaaffii pirojeektii investimentii Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan Waajjira Investimentii Magaalichaan simatamee isaaf dhiyaate irratti yaada murtii waliin Waajjira Investimentii Godinaaf akka darbu ni taasisa;
6) Investara akkaataa waliigalteetiin hin hojjannee irratti tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu yaada murtii Waajjiira Investimentii Godinaatiif akka ergamu ni taasisa;
7) rakkoolee investara quunnamanii fi humna Waajjira Investimentii Magaalichaatiin hiikamuu hin dandeenye irratti murtii ni kenna; kan humna isaatii ol ta'e Waajjiira Investimentii Godinaatiif akka ergamu ni taasisa;
8) fooramii investarootaa fi Mootummaa ni qindeessa; yeroo adda addaa marii ni gaggeessa; gabaasa isaa Waajjiira Investimentii Godinaatiif akka ergamuu ni taasisa;
9) Aangoofi gahee hojii bakka bu'iinsaan kennamuuf kamiyyuu itti gaafatamummaan ni raawwata.

52. Aangoo fi Hojii Waajjira Investimentii Magaalaa Itti Waamamni Isaa Godinaaf ta'e

Waajjirri Investimentii Magaaloota itti waamamni isaanii Godinaaf ta'ee aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Magaalicha keessatti ragaa lafa pirojeektii investimentiif ooluu danda'u qaama dhimmi ilaaluun qoratamee dhiyaate ni fudhata; ragaa isaa qindeessee Waajjira Investimentii Godinaatiif ni erga;
2) kuufama qabeenya fi carraa investimentii Magaalichi qabu addaan baasuun ragaa qindeeffatee Waajjiira Investimentii Godinaatiif ni dabarsa;
3) carraa investimentii magaalichi qabu ni beeksisaa; odeeffannoo fi gorsa barbaachisaa ta'ee ni kenna; barreeffamoota investimentii babal'isuuf gargaaran ni qopheessa; ni raabsa;
4) gaaffii pirojeektii investimentii Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan dhiyaatee ni simata; ni calala; yaadni murtii Koree Investimentii Magaalichaatiin akka kennamu ni taasisa; yaada murtii kenname Waajjira Investimentii Godinaaf ni erga;

5) pirojeektii investimentii Magaalicha keessatti waliigaltee investimentii seenanii fi hayyama investimentii fudhatan kamiyyuu ni deeggara; ni hordofa; ni to'ata; ragaa qindeessee ni qabata;
6) pirojektii haala waliigalteetiin hin hojjannef of-eeggannoo barreeffamaan ni kenna; tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu Waajjiira Investimentii Godinaatiif ni gabaasa;
7) rakkoo raawwii investimentii irratti qunnamu adda ni baasa; furmaata ni kenna; kan humnaa isaatii ol ta'e qaama aangoo qabuuf ni dhiyeessa;
8) ragaa pirojeektoota investimentii Magaalichaa ni qindeessa; ni wayiteessa; ni gabaasa;
9) Magaalicha keessatti maloota investimentii babal'isan, bu'a qabeessa taasisan fi hanqinoota mul'ataniif furmaata ni kenna; akka kennamu ni taasisa;
10) Aangoo fi hojii bakka bu'iinsaan kennamuuf ni raawwata;
11) raawwii hojii investimentii Magaalichaa Waajjiira Investimentii Godinaatiif ni gabaasa.

53. Miseensota Koree Investimentii Aanaa

Korichi miseensota armaan gadii ni qabaata:

1) Bulchaa Aanichaa ---------------------------------------------------------- Walitti qabaa;
2) Ittigaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa fi itti fayyadama Lafaa ------------------ Miseensa;
3) Ittigaafatamaa Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa --------------------- Miseensa;
4) Ittigaafatamaa Waajjira Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee ------------------ Miseensa;
5) Ittigaafatamaa Waajjira Misooma Interpiraaayizii fi Industirii --------------- Miseensa;
6) Ittigaafatamaa Deeskii Investimentii --------------------------- Miseensaa fi Barreessaa;
7) Nama Bulchaan Aanaa bakka buusu tokko ----------------------------------- Miseensa.

54. Itti Waamama Koree Investimentii Aanaa

Itti waamamni Koree Investimentii Aanaa Koree Investimentii Godinaaf ta'a.

55. Aangoo fi Hojii Koree Investimentii Aanaa

Korichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Karoora waggaa qophii lafa investimentii Aanicha keessatti Waajjira Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafaatiin qophaa'ee dhiyaatu xiinxalee ni mirkaneessa; akka qophaa'uu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;
2) Aanicha keessatti lafa investimentii tajaajila gosa pirojeektii investimentiif ooluuf danda'uu waliin qaama dhimmi ilaallatuun qoratamee akka dhiyaatuu ni taasisa; bu'uurrii misoomaa guutuu isaa ni qorata; raawwii isaa ni hordofa;
3) gaaffii pirojeektii investimentii Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaa irraa dhiyaatee Deeskii Investimentii Aanaatiin simatamee dhiyaateef irratti yaada murtii kennuun Waajjira Investimentii Godinaaf akka darbu ni taasisa;
4) gaaffii pirojeektii investimentii Waajjira Investimentii Godinaatiin dhiyaate irratti yaada akka kennu yoo gaafatame yaada ni kenna;

5) Investara akkaataa waliigaltee investimentiitin hin hojjanne adda baasuun of eeggannoon akka kennamu ni taasisa;
6) raawwii hojii pirojeektoota investimentii Aanicha keessa jiru ni qorata; hanqinoota jiran akka sirreeffaman ni taasisa;
7) Aangoo fi gahee hojii bakka bu'iinsaan kennamuuf kamiyyuu itti gaafatamummaan ni raawwata.

56. Aangoo fi Hojii Deeskii Investimentii Aanaa

Deeskichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Aanicha keessatti lafti hojii investimentiif ooluu danda'uu akka qophaa'uu qaamolee dhimmi ilaaluu waliin ni hojjata; lafa qophaa'ee dhiyaateef ragaa ni qabata; ni wayitessa; ni gabaasa;
2) carraa investimentii Aanichi qabu ilaalchisee ragaalee qindeessun Waajjira Investimentii Godinaaf ni gabaasa;
3) carraawwan investimentii Aanichi qabu ni beeksisa; gorsaa fi odeeffannoo barbaachisaa ta'e ni kenna;
4) gaaffii pirojeektii investimentii Qonnaan Bulaa, Horsiisee Bulaa yookiin Gamisa Horsiisee Bulaan dhiyeessuu ni simata; ni calala; kanneen ulaagaa guutan Koree Investimentii Aanaatiif dhiyeessuun yaada murtii kenname qindeessuun Waajjira Investimentii Godinaatiif ni dabarsa;
5) deeggarsaa fi hordoffii pirojeektoota investimentii ni gaggeessa; raawwii isaa ni gabaasa;
6) deeggarsaa fi hordoffi pirojeektoota investimentii taasifameen kanneen akkaataa hayyama fudhateen fi waliigalteetiin hin hojjanne adda baasuun of-eeggannoo barreeffamaan ni kenna; of eeggannoo kenname ni gabaasa;
7) ragaalee investimentii ni qindeessa; ni wayiteessa; ni gabaasa;
8) aangoo fi hojii bakka bu'iinsaan kennamuuf ni raawwata.

## Kutaa Jaha

## Sirna Walgahii, Kenniinsa Murtii fi Ol'iyyannoo

57. Sirna Walgahii fi Murtii Boordii Investimentii

1) Boordichi ji'atti al tokko walgahii idilee kan qabaatu ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti walitti qabaan walgahii ariifachiisaa waamuu ni danda'a.
2) Waamichii fi ajandaan walgahichaa yoo xiqqaate guyyaa walgahii guyyaa 3 (sadii) dursee miseensota dhaqabuu qaba.
3) Miseensota Boordichaa keessaa harki walakkaa ol yoo argaman walgahiin gaggeeffamuu ni danda'a.

4) Boordiin murtii lafaa haaraa fi ol'iyyannoo investaraa ilaalchisee kennu sagalee caalmaatiin (50%+1) kan darbu ta'ee, sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni garee walitti qabaan deeggaree murtii Boordichaa ta'a.
5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti kan tumame akkuma eggameetti ta'ee, miseensi murtii Boordiin kennuu irratti yaada garaagarummaa qabu yaadni isaa akka qabamuuf yoo barbaade yaadni garaagarummaa isaa ni galmaa'af.
6) Murtiin Boordichaa Qaboo yaa'itiin erga qabamee booda guyyaa walgahichaa irraa kaasee yoo baay'ate guyyoota 7 (torba) keessatti miseensota walgahiirratti hirmaataniin mallattaa'uu qaba; osoo hin mallattaa'iin xalayaan murtii qaamolee dhimmi ilaaluuf kennuun hin danda'amu.
7) Murtiin Boordichi dhimma kenninsa lafa investimentii fi ol'iyyannoo invastaraa haqamiinsa hayyamaa, citiinsa yookiin diigamuu waliigaltee investimentiin walqabatee dhiyeessee irratti kennuu qaama dhimmi ilaaluuf mallattaa'ee kan raabsamu mallattoo fi tiitara barreessaa Boordii Investimentiitiin ta'ee chaappaa boordiitiin bahii ta'uu qaba.
8) Murtiin Boordichaa gabatee beeksisaa mana hojii irratti kan beeksifamuu guyyaa Qaboon yaa'ii mallattaa'ee irraa eegalee guyyoota walitti aanan 7 (torba) keessatti ta'a.
9) Sanadni qaboo yaa'ii Boordichaa Komishiniichaan qindaa'ee kuufamuu qaba.
10) Barreessaan murtii Boordiin kennuu hunda ragaa isaa qindeessee qabachuuf ittigaafatamummaa ni qabaata.

58. Sirna Walgahii fi Murtii Koreewwan Investimentii

1) Koreewwan Investimentii sadarkaa Godinaa fi Aanaa ji'a keessatti yeroo 1 (tokko) walgahii idilee kan qabaatan ta'ee, akkuma barbaachisummaa isaatti walitti qabaan walgahii ariifachiisaa waamuu ni danda'a.
2) Waamichii fi ajandaan walgahichaa yoo xiqqaatee guyyaa 2 (lama) dursee miseensota dhaqqabuu qaba.
3) Miseensota Koree keessaa harki walakkaa ol yoo argaman walgahiin gaggeeffanuu ni danda'a.
4) Yaadni murtii lafa investimentii Koree Investimentiitiin kennamu sagalee caalmaan (50%+1) kan darbu ta'ee sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni garee walitti qabaan deeggare murtii korichaa ta'a.
5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, murtii kennamu irratti miseensi yaada addaa qabu yoo jiraate yaadni isaa guutuun addatti galmaa'uufii qaba.
6) Murtiiwwan koree investimentii qaboo yaa'iitiin erga qabamaniin booda guyyaa walgahichaa irraa eegalee yoo baay'ate guyyoota 3 (sadii) keessatti miseensota

walgahicha irratti hirmaatan hundaan mallattaa'uu qaba; osoo hin mallattaa'iin qaama dhimmi ilaaluf darbuu hin danda'u.

7) Qaboon yaa'ii Koree Investimentii Itti Gaafatamaa Waajjira Investimentii sadarkaa sanatti argamuun qindaa'ee kuufamuu qaba.

8) Murtiin Koree Investimentii Aanaa gara Godinaatti kan darbu karaa Waajjira Bulchiinsa Aanaatiin yoo ta'u Murtiin koree Godinaa ammoo Itti Gaafatamaa Waajjiraa Investimentii Godinaatiin mallattaa'ee Komishiniidhaaf kan ergamu ta'a.

59. Sirna Ol'iyyannoon Itti Dhiyaatu fi Keessummaa'u

1) Namni kenna tajaajila investimentiin walqabatee komii qabu caasaa Komishinii sadarkaa sadarkaan jiranitti ol'iyyachuu ni danda'a; murtiin komii kenna tajaajila investimentiin walqabatee dhiyaate irratti Komishinichaan kennamu murtii dhumaa ta'a. Tarreeffamni isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

2) Waliigaltee investimentii diigamee fi hayyama investimentii haqame ilaalchisee ol'iyyannoon dhiyaatu:

(a) qaamni haqamiinsa hayyama investimentiin walqabatee murtii Waajjira Investimentii Godinaatiin yookiin Magaalaa Muummee fi Ol'aanaatiin kennamu irratti komii qabu, gaafa murtiin isa dhaqqabee irraa eegalee guyyoota 30 (soddoma) keessatti ol'iyyannoo isaa barreeffamaan Komishiiniif dhiyeessuu ni danda'a;

(b) qaamni murtii Komishinichi bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 2(a) tiin ol'iyyannoon ilaalee kenne irratti komii qabu murtiin isa dhaqqabee guyyoota 30(soddoma) keessatti ol'iyyannoo isaa Boordiif barreeffamaan dhiyeessuu ni danda'a;

(c) Qaamni diigamiinsa yookiin addaan citiinsa waliigaltee investimentii irratti murtii Komishiniin kennamu yookiin Koree Investimentii Godinaa yookiin Magaalaa Muummee fi Ol'aanaatiin kennamu irratti komii qabu, guyyaa murtiin isa dhaqqabee irraa eegalee guyyoota 30(soddoma) keessatti ol'iyyannoo isaa barreeffamaan Boordiif dhiyeessuu ni danda'a;

(d) Komishiinichi waliigaltee investimentii diigamee yookiin addaan cite irratti ol'iyyata investaraan dhiyaate komicha simatee qulqulleessee yaada murtii waliin Boordiif ni dhiyeessa;

(e) Boordiin bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 2(b-d)tiin komiin ol'iyyannoo investaraa isa dhaqqabee qorachuun murtii kennamee cimsuu yookiin diiguu ni danda'a;

(f) murtiin Boordiin kennamu gaafa murtichi kennamee irraa eegalee guyyoota 15(kudha shan) keessatti qaama ol'iyyannicha dhiyeesseef kennamuu qaba;

(g) namni diigamiinsa yookiin addaan citiinsa waliigaltee investimentiin yookiin haqamuu hayyama investimentiin walqabatee murtii Boordiin kenne irratti dogongoorri bu'uura seeraa raawwatame jedhu guyyaa murtiin Boordii isa dhaqqabee irraa eegalee guyyoota 60(jahaatama) keessatti iyyata isaa Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti dhiyeeffachuu ni danda'a.

2) Waliigaltee investimentii diigamee yookiin adda cite irratti Investarri daangaa yeroo kenname keessatti komii isaa yoo hin dhiyeeffatiin murtii qaama dhimmi ilaaluun kenname akka fudhateetti lakkaa'amee laficha akka gadidhiisu ni dirqisiifama.

Kutaa Torba

Tumaalee Adda Addaa

60. Aangoo fi Hojii Biiroo Bulchiiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa

Aangoo fi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Biirichi bulchiinsa investimentiin walqabatee aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Istaandardii bal'ina lafaa misooma investimentiif oolu ni qorata; mootummaaf ni dhiyeesa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
2) lafa hojii investimentii adda addaatiif oolu bu'uurri misoomaa guutameef, falmiifi mormii adda addaa irraa bilisa ta'e yeroo yeroon qoratee qopheessuun baankii lafaatti ni kuusa; ragaa isaa ni qindeessa; yeroo yerootti ragicha ni wayiteessa;
3) sirna qabinsa ragaa lafaa tajaajila investimentiif oolu wayitawaa ta'ee ni dirirsa;
4) fedhii fi karoora Komishiniin yookiin caasaa isaa sadarkaan jiraniin dhiyaatuuf bu'uureffachuun lafa investimentii qophaa'e teessoo isaa Godinaan, Magaalaan, Aanaan, pilootiin, koordineetiin, bal'ina isaatiin, gosa investimentii lafichi itti oolu danda'uu waliin adda baasuun ragaa guutuu waliin kurmaana kurmaanaan Komishiniif ni dabarsa;
5) pirojeektii investimentii Boordiin fudhatama argatee fi Komishinicha waliin waliigaltee pirojeektii investimentii raawwatanii karaa Komishiniitii isaaniif ergame yeroo ji'a 1 (tokko) hin caalle keessatti waliigaltee liizii yookiin kiraa lafaa raawwachuun Investariichaaf laficha ni dabarsa; waraqaa qabiyyee lafaa qopheessee ni kenna;
6) pirojeektii investimentii murtii Boordiitiin kenname ilaalchisee kaffaltiin liizii yookiin kiraa yeroo yeroon kaffalamuu isaa ni hordofa;
7) lafti investimentiif akkaataa seeraatiin dabarse kaayyoo barbaadameef ooluu isaa qaama dhimmi ilaalu waliin ni hordofa; bu'uura seeraatiin tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
8) pirojeektii investimentii waliigalteen isaa yoo diigamu qaamni bulchiinsaa bakka argameetti caasaa Komishinii yookiin caasaalee isaa sadarkaan jiran waliin ta'uun lafichi akka gadi lakkifamee Baankii lafaatti deebi'u ni taasisa;

9) kenna tajaajila investimentii naannichaa fooyyessuuf qaamolee dhimmi ilaalu waliin ta'uudhaan tajaajila iddoo tokkoo ni kenna; ni deeggara; ni hordofa; raawwii isaa ni gabaasa;

10) Komishinii fi caasaalee isaa sadarkaa jiran waliin misooma investimentiin walqabatee qindoominaan ni hojjata.

61. Haala Investarri Beenyaa Lafaa Kaffaluun Lafa itti Argatu

Mootummaan lafa pirojeektii investimentiif oolu dursee beenyaa kaffaluun investaraaf dabarsuun akkuma jirutti ta'ee, hanqina baajata mootummaa muudatu furuuf investarichi beenyaa lafaa kaffalamuu qabu kaffaluun kaffaltii liizii yookiin kiraa waggaa waggaan kaffaluu qabu irraa akka shallagamuuf taasisuun ni danda'ama.

62. Aangoo fi Hojii Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa

Aangoo fi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Biiroon Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Qonnaan Bultoota, Horsisee Bultootaa fi Gamisa Horsisee Bultoota adda duree ta'an gara investimentiitti akka ce'aniif hojiiwwan armaan gadii ni raawwata:

1) paakeejii fi hojimaata gara investimentii akka ce'aniif isaan gargaaru ni qopheessa;
2) gara investimentiitti akka ce'an qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun carraa investimentii jiru, ulaagaalee guutamuu qabanii fi adeemsa gaaffiin pirojeektii investimentii itti dhiyaatu irratti hubannoo akka argatan ni taasisa;
3) deeggarsa leenjii fi ogummaa hojii investimentii raawwachuuf isaan gahoomsu ni kenna; ni jajjabeessa;
4) kanneen ulaagaalee ce'umsaa barbaachisu guutan yeroo yeroon adda baasuudhaan ragaan deeggaruun qaama dhimmi ilaaluuf ni dabarsa;
5) warra hojii investimentii eegalan ilaalchisee raawwii isaanii ni hordofa;
6) deeggarsa barbaachisu kan biroo ni kenna.

63. Itti Gaafatamummaa Qaamolee Bulchiinsa Investimentii

Hojiiwwan investimentii sadarkaa kamittuu raawwatamu keessatti dogoggora raawwatameen miidhaan faayidaa mootummaa yookiin ummata irra yoo gahe qaamni hojjate dhuunfaadhaan yookiin waliin seera rogummaa qabuun itti gaafatamummaa guutuu ni qabaatu.

64. Dirqama Deeggarsa Kennuu

Namni kamiiyyuu hojiirra oolmaa Dambii kanaatiif deeggarsa kennuuf dirqama qaba.

65. Aangoo Bakka Bu'ummaan Kennuu

Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa bu'uura Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 213/2011 keewwata 44(14) tiin pirojeektii investimentii naannicha keessatti gaggeeffamu irratti murtii akka kennu Boordii Investimentii bakka buusee jira.

66. Tumaalee Ce'umsaa

1) Hojiiwwan investimentii osoo Dambiin kun hin bahin dura jalqabamanii adeemsa irra jiran bu'uura Dambii duraanitiin kan raawwataman ta'a.
2) Pirojeektiin investimentii kanaan dura waliigaltee liizii yookiin waliigaltee investimentii osoo hin qabaanne lafti misooma investimentiif qaama aangoo qabuun murtaa'efii jiruu fi hanga ammaatti sababa adda addaatiin waliigaltee hin mallatteessine guyyaa Dambiin kun mirkanaa'e irraa eegalee waggaa 1 (tokkoo) keessatti waliigaltee investimentii Komishinii waliin mallatteessuu qaba.

67. Aangoo Qajeelfama Baasuu

Dambii kana hojii irra oolchuuf Boordiin Qajeelfama baasuu ni danda'a.

68. Seerota Haqamanii fi Raawwatiinsa Hin Qabaanne

1) Dambiin Bulchiinsa Investimentii Mootummaa Naannoo Oromiyaa murteessuuf bahe Lakk. 141/2004 Dambii kanaan haqamee jira.
2) Dambiin Lafa Magaalaa Liiziin Bulchuuf bahee Lakk. 182/2008 keewwata 25 (1) (a, e, f); (2) (a) fi (3) (d) jalatti dhimmoota investimentii lafa magaalaa ramaddiin kennuuf hayyaman irratti gaaffii pirojeektii investimentii dhiyaatu simachuu fi xiinxaluun qaama aangoo qabuuf dabarsuun walqabatee raawwatiinsa hin qabaatu.
3) Dambiin, qajeelfamni fi barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaalleessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

69. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu

Dambiin kun Fulbaana guyyaa 7, bara 2012 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Shimallis Abdiisaa

Pirezidaantii Itti Aanaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Finfinnee

Fulbaana guyyaa 7, Bara 2012